# XIINXALA WALSIMANNAA GILGAALOTA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 10FFAA DHIMMOOTA NAANNOOTIIN WALQABATAN

**BIRHAANUU KUMSAA LAMMII**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAAKOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANO TAA,JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTIIMUUMMEE AFAAN OROMOO, OGABARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# XIINXALA WALSIMANNAA GILGAALOTA KITAABA BARNOOTA AFAAN OROMOO KUTAA 10FFAA DHIMMOOTA NAANNOOTIIN WALQABATAN

**BIRHAANUU KUMSAA LAMMII**

**GORSAA: DINKESSA DERESSA (PHD)**

**WARQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGABARRUUFI FOOKLOORIIN DHIYAATE**

**YUUNIVARSITII ADDIS ABABAA KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANO TAA, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGABARRUUFI FOOKLOORII**

**HAGAYYA 2011/2019**

**FINFINNEE**

# YUUNIVARSIITII ADDIS ABABAA

Dhaabbata Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (M.A) Afaan Oromoo, ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Birhaanuu Kumsaa mata-duree *xiinxala walsimannaa Gilgaalota kitaaba barnoota AfaanOrmoo kutaa 10ffaa Dhimmoota Naannootiin walqabatan* jechuun qophaa'e sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

Koree qormaata

Qoraa alaa ____________________________ Mallattoo____________Guyyaa______________

Qoraa keessaaa_______________________ Mallattoo__________Guyyaa_______________

Gorsaa _______________________________ Mallattoo__________Guyyaa_______________

___________________________________________________________________________

Dura ta'aa Muummee Yookiin Qindeessaa Sagantaa eebba- boodaa

# Axereeraa

*Kaayyoon qorannichaa walsimannaa Gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naannootiin walqabatan xiinxaluudha.Qorataan hanqinoota walsimannaa gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa ilaalchisee gosa qorannoo keessaa ibsaa fi sakatta'insaatiin dhimma bahee jira.Akkasumas gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa akka iddattootti, mala iddatteessuu kaayyeffamaatiin filatamanii jiru.Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname sakaatta'iinsa gilgaalota kitaaba Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa yommuu tahu, dabalataanis  af-gaaffii barsiisota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisaan irratti taasifameedha.Odeeffannoon sakatta'iinsa gilgaalota kanaaf af-gaaffii argame kunis, mala akkamtaan qaacceffamanii jiru. Haaluma kanaan ragaalee qaacceeffama kun walsimannaa gilgaalonni kitaaba barataa kutaa kurnaffaa keessatti argaman ciminaafi hanqina isaanii addaan bahamee jira. Kan malees walsimannaa dhabuun gilgaalotaa gama ogummaawwan afaanii, seerluga (beekumsa afaanii) fi afoola Afaan Oromoorratti mul'atan eeramanii jiru. Dhumarrattis gaaffileen barsiisotaaf af-gaaffiidhaan,dhiyaatanii akkaataa deebii kennitootarraa argameen gilgaalonni kitaaba barnoota Afaan Oromooo kana keessatti dihyaatan jireenya guyyuu barattoota ibsuufi haala jiruufi jireenya uummata Oromoorratti hanqinoonni jiran ibsamaniiru. Fakkeenyaaf gilgaalonni kitaaba kana keessatti argaman aadaa, seenaa, maalummaafi eenyummaa uummata oromoo ibsuurratti qindoomina dhabuudha. Kanaafuu gara fuula duraaf qophessitoonni meeshaalee barnoota kitaaba barnoota qopheessan irra deebi'uudhaan akka fooyyeessan yaada furmaata keessatti eramanii jiru.*

# Galata

Qorannoo kana karoora ykn wixinee irraa hanga xumuraatti, dadhabe nuffe osoo hinjedhin nacina dhaabbatanii deggersa ogummaa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr. Dinqeessaa Dheeressaatiif galatni koo kan Onneerraa madde isaan haaga'u. Itti aansuudhaan, barreeffama qorannoo kanaa si'an qopheessuu namaddii dhaabbachuun yaadaafi ogummaa barreeffamaankan nadeggere dargaggoo  Lammeessaa Olaanii, yaadaan kan nadeggerte B/stuu Margituu Kumsaafi Hiriyyaa koo obbo Abdiisaa Gannatiif galatni koo guddaadha.

## Hiika Jechootaa

Jechoota armaan gadiitti dhiyaatan kana hiikuun kan barbaachiseef dubbistoonni qorannoo kanaa yeroo dubbisan jechoonni haaraa itti tahanii hiikarratti akka isaan hinrakkisneef hiika isaanii waliin akka armaan gadiitti kenname jira.

| **Jecha** | **Hiika isaanii** |
| --- | --- |
| Afaan barnoota | Afaan barnoonni gosa adda addaa ittiin kennamu |
| Akkamtaa | mala qorannoo odeeffannoo (ragaan) funaaname jechaan ibsamu |
| Barnoota afaanii | Afaan gosa barnoota tokkoo kan ilaallatudha. |
| Hennaa amsiiqa | Gocha hennaa yeroo ammaan kan walitti fufiinsaan rawwatamaa jiru (present continuous tense) |
| Hennaa tarsiiqa | Gocha yeroo darbe keessa walitti fufiinsaan raawwachaa ture kan agarsiisu (past continuous tense) |
| Hennaa murannaa | Gocha gara fuula duraatti raawwatamuun isaa hinoolle (simple future tense) |
| Hennaa murannaala – | Gocha gara fuula duraatti raawwatamuun isaa mamii qabu. |

# Gabaajeewwan

Gabaajeewwan armaan gaditti ibsaman kun qorannookana keessatti iddoo garaagaraatti galanii waan jiraniif akka nama warqaa qorannoo kana dubbisuutti gufuu hintaane hiika isaan bakka bu'an waliin dhiyaatanii jiran

A.O: Afaan Oromoo

A.L.I: Akka Lakkoofsa Itoophiyaa

B.B.O: Biiroo Barnoota Oromiyaa

B.A.T.O: Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa

I.C.D.R: Institute for Curriculum Development and Research

K.B: Kitaaba Barattoota

M.B: Ministeera Barnoota

Q.Q.Q.Q.S.B: Qajeelcha Qophii Qo'annaafi Qorannaa Sirna Barnootaa

**Qabiyyee** **Baafata** **Fuula**

Axereeraa ........................................................................................................ i

Galata ........................................................................................................ ii

Hiika Jechootaa ........................................................................................................ iii

Gabaajeewwan ........................................................................................................ iv

Baafata Gabateewwan ........................................................................................................ vii

Boqonnaa Tokko: Seensa ........................................................................................................ 1

1.1. Seenduubee Qorannicha ........................................................................................................ 1

1.2 Ka’umsa Qorannichaa ........................................................................................................ 3

1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa ........................................................................................................ 4

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa ........................................................................................................ 4

1.5 Daangaa Qorannichaa ........................................................................................................ 5

1.6 Hanqina Qorannichaa ........................................................................................................ 5

Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruulee ........................................................................................................ 6

2.1. Sakatta’a Barruu Yaadrimee ........................................................................................................ 6

2.1.1. Gilgaalotaa ........................................................................................................ 6

2.1.2.Gahee Gilgaalonni Kitaaba Barnoota Keessatti Qabu ........................................................................................................ 7

2.1.2.1 Afoola Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti ........................................................................................................ 9

2.1.2.2 Hiika Jechoota barsiisuu Keessatti ........................................................................................................ 10

2.1.2.3 Caasluga Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti ........................................................................................................ 11

2.1.2.4 Ogummaawwan ( dandeettiiwwan) Afaan Barsiisuu keessatti. ........................................................................................................ 12

2.1.3.Gilgaalotaafi Naannoo Jireenyaa Akkamitti Walsimsinnaa? ........................................................................................................ 14

2.1.4 Walsimannaa Gilgaalotaafi Naannoo Bu’aa Inni Baruufi Barsiisuu Keessatti Qabu ........................................................................................................ 16

2.1.5 Ulaagaalee filannoo meeshaalee sirna barnootaa ........................................................................................................ 17

2.1.6 Yaaxxina Qorannichaa ........................................................................ 19
2.2 Sakatta'aa Barruu Walfakkii ........................................................................ 20
Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa ........................................................................ 22
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........................................................................ 22
3.2 Madda Ragaalee ........................................................................ 22
3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........................................................................ 23
3.3.1 Sakattaa'a Dokumeentii ........................................................................ 23
3.3.2 Af- gaaffii ........................................................................ 23
3.4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu ........................................................................ 24
3.4 Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee ........................................................................ 25
Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxala Ragaalee ........................................................................ 26
4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaabichaa ........................................................................ 26
4.1.2 Ibsa Gabaabaa waa'ee od-kennitoota Ragaa. ........................................................................ 26
4.2. Xiinxala Ragaalee Walsimannaa Gilgaalotaa Naannoon Walqabatan ........................................................................ 27
4.3 Gilgaalota jiruufi jireenya uummata Oromoo agarasiisan ........................................................................ 48
Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo ........................................................................ 53
5.1.Cuunfaa ........................................................................ 53
5.2. Argannoo ........................................................................ 54
5.3. Yaboo ........................................................................ 55
Wabii
Dabaleewwan

# Baafata Gabateewwan

Gabatee 1: Giigaalota Naannoon walqabatan kan Agarsiisuu ................................................ 28

Gabatee 2 Gilgaalota Naannoon walqabtan kan Agarsiisuu .................................................. 31

Gabatee 3: Gilgaalota naannoon walqabatan kan Agarsiisuu ................................................ 35

Gabatee 4: Gilgaalota Naannoon walqabatan kan agarsiisuu ................................................. 38

Gabatee 5: Gilgaalota Naannoo walqabatan kan Agarasiisuu ................................................ 41

# Boqonnaa Tokko: Seensa

## 1.1. Seenduubee Qorannicha

Bara ammaa Afaan Oromoo naannoo Oromiyaa keessatti afaan barreeffama, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan miidiyaafi sabquunnamtii, akkasumas afaan barumsi ittiin kennamu ta'ee tajaajilaa jira.Yeroo ammaattis Afaan Oromoo manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaafi kolleejjota barsiisotaa Oromiyaa keessatti akka akaakuu barumsaatti kennamaa jira.

Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessattis akka akaakuu barumsaa tokkootti baratamaa jiraachuun koreen sirna barnootaa Oromiyaa (2005) haalaan ibsee jira.Akkuma beekamu yeroo ammaan kana naannoo Oromiyaatti barnoonni Afaan Oromoo sirna barnootaa qophaa'eefi kennamaa jira. Haalli kun immoo barattoonni ogummaa afaanii akka cimsataniifi seera ogummaa afaaniitis akka hubatan gargaara. Akkaasumas seenaafi aadaa isaanii akka beekan, ogbarruu dubbisanii akka dinqisiifatan, kana malees afaan ofiitiin barachuun ogummaa jireenyaa salphaatti hubachuun balaarraa akka ofeegan, jireenya gara fulduraatiifsi akka qophaa'an, hawaasa keessatti lammii of danda'ee, ofta'ee jiraatu akka ta'u isaan taasisa.

Akkasumas qabiyyeen kitaaba barattoota kun wantoota barattoonni naannoo jireenya isaanii keessatti osoo gara mana barumsaa hindhufiin maatiifi uummata naannoorraa hubatanii dhufaniidha. Kunis kan nu agarsiisuu wanta barattoonni beekan irraa ka'uudhaan qabiyyee gilgaalota qophaa'andha. Kana jechuunis seenaafi aadaa isaanii akka beekaniifi afoola Afaan Oromoo kanneen akka mammaaksa, Hiibboo, oduudurii yookiin sheekoo, ciigoofi malleen dubbii ofkeessatti hammataniiru.

Afaan /qooqni/ qabeenya dhalli namaa ittii yaada ibsatuufi ittiin waliigalu isa olaanaadha.Innis qooqni bifa barreeffamaafi haasawaatiin ofibsa.Bifni lachuu akkaataa miidhagina qabuun afaan itti tajaajlamanii yaada, fedhii, amantiifi falaasama qaban, akkasumas,dhugaa jireenya hawaasa hunda ibsu yoo danda'amudha.Kunis jireenya hawaasichaa, seenaa, aadaa, duudhaa, safuu fi kkf calaqqisiisuuf iddoo guddaa qaba (Abarraa 1995:1).

Tajaajilli afaanii inni dursaan walqunnamtiif ooluudha.Karaa walqunnamtiin kun ittiin gaggeeffamu keessaa inni guddaan ogummaawwaan afaanii /language skills) dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessutti dhimaa ba'uudha. Dhaggeeffachuufi dubbachuun afaan dubbiiti. (Spoken Language) hidhatu. Kun ammo kan hawaasni akkuma naannoo isaatti tajaajilamu waan ta'eef, Loogaan hidhata qaba. Dubbisuufi barreessun garuu afaan barreeffama (written language) ilaallatu.

Afaan Oromoosi imaammata afaanii keessatti xiyyeeffannoo argachuu isaa chaartarii ce'umsaa (bara 1991/83) hordofeeti. Kunis achi booda afaan hojii ta'uu, barnootaa, siyaasa, bulchiinsa, subqunnamtiifi tajaajila hawaasummaa kanneen biroo keessatti fayyadaa jira.Gama barnootaatiin akka afaan barnootatti / language in education/ 1-8 fi koolleejjiitti,akka barnoota afaaniitti /language education) sadarkaa 1ffaa hanga Yuuniversiitiitti baratamaa jira. Akkaataa Gumii Qophii Afaan Oromoo (1990 :30) ibsuuti afaan naannoo tokko keessatti dubbatamu walitti dhufeenya hawaasaafi haala jireenyaa akkasumas haala naannoo isaa calaqqisiisuu qaba. Kanaafuu akka saayinsii afanii mirkaneessuutti afaan kamiyyuu aadaa fi akkaataa jireenyaa, akkasumas haala naannoo haalaan ibsuu dandeenyaan afaan guutuudha.

Qabiyyeen kitaaba barattootaa tokko keessatti qophaa'uu dandeettii barattootaa, kan barsiisaafi sadarkaa barnoota isaanii kan gidduu galeeffatee ta'uu qaba. Kana gochuudhaaf immoo qophiin sirna barnootaa murteessaadha.Qajeelchi qophii, qo'annoofi qorannoo sirna barnootaa (BBO) (1995/983) akka jedhutti "sirni barnootaa yoo qophaa'uu immoo imaamata barnoota biyyattiirraaa madda.Haaluma kanaan Meeshaaleen sirna barnoota haala jiruufi jireenya hawaasa bu'uura godhachuudhaan kan qophaa'uudha." Jedhee yoo ibsu yaaduma kana deeggaruun minsteerri barnoota Itoophiyaa (2010:1) "The existing curriculum in Ethiopia is based on the objective of the Education and Training policy of 1994" jedhe ibsa

Haaluma kanaan sirni barnootaa tokko yeroo qophaa'uu aadaa, seenaafi haala jiruufi jireenya uummata naannoo sanaa kan calaqqisiisuu akka qabu eeruun barbaachisaadha. Kanarraa ka'uudhaan haalli qophii gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo walsimannaafi garaagarummaa dhimmoota naannoo waliin qaban yeroo yeroon sakatta'uun hanqinoota walsimannaarratti qaban adda baasanii eeruun fooyya'insa qophii kitaabilee barnoota AfaanOromoo barbaachisaa waan ta'eefi.

## 1.2 Ka'umsa Qorannichaa

Gilgaalonni kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kutaa kurnaffaa keessatti argaman jiruufi jireenya uummata Oromoo ibsuurratti hanqinoota qabu. Hanqinoonni kun immoo Kana mul'atan gilgaalota ogummaawwan afaanii arfan irratti, caasluga Afaan Oromoo irratti, hiikaa jechootaa irrattiifi afoola Afaan Oromoo irrattiidha. Kun ammo fooyya'uu kan danda'u qophiin gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti argaman jiruufi jireenya uummata Oromoo yoo ibsaniidha. Kana gochuudhaaf qophiin meeshaalee sirna barnootaa kanneen akka silabasii, kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti argaman seenaa, aadaa, maalummaafi eenyummaa saba sanaa waliin hidhata qabaachuu qabu. Sababni isaas afaan meeshaa walqunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasaa tokko keessatti qabu olaanaadha.

Kanaafuu, hawaasicharraa adda ba'ee bu'aa buusuu hin danda'un.Guddinni afaanis guddina hawaasaa bu'uureffata. Kanaafuu gilgaalonni kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa keessatti argaman jiruufi jireenya hawaasaa ibsuurratti naannoo isaa, qabeenya isaa kan kana fakkaatan hanqinoota qabu.Kanrraa ka'uudhaan matadure "xiinxala walsimannaa gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naannootiin walqabatan" jedhurratti Qoratichi qorannoo gaggeessuuf kaka'umsa horateejira. Qorannoo kana gaggeessuuf sababa kan ta'e gilgaalonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoo keessatti dhiyaatan qulqullinni isaanii akka eegamuufi barattoonni jiruufi jireenya isaanii barumsa afaaniin walsimsiisuudhaan naannoo isaanii akka hubataniifdha.

Haalli dhiyeenya gilgaalota kanas kallattiidhaan duudhaa isaanii, seenaa isaanii, teessoo lafa isaanii, qilleensa naannoo, qabeenya naannoo barattootaa gidduugaleessa akka godhatu qorannoo gaggeessuun barbaachisaa ta'ee mul'ata.Qoratichis yaada kana xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan hanga tokko furmaata kennuuf gaaffilee armaan gadii kana akka ka'umsa gochuudhaan qorannicha gaggeessuf murteessera.

Walumaagalatti qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa kanneen armaan gadii nideebisa jedhamee amanama.

1. Gilgaalonni yookiin shaakalliin jireenya barattootaa walqabsiifamanii hangam qopha'aniiru?

2.Jiruufi jireenya uummata Oromoo beeksisuu irratti hangam humna qabu?

3.Adeemsa baruufi barsiisuu ammam salphaafi qabatamaa taasisuu keessatti ga’ee gilgaalonni kun qaban maaliidha?

## 1.3 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa walsimannaa gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naannootiin wal qabatan xinxaluudha.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa:

1. Gilgaalonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessa jiran jireenya barattootaa walqabsiifaman hangam akka qopha’an sakkatta’uun ibsuu;

2. Gilgaalonni kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa jiruufi jireenya uummata Oromoo ibsuu irratti hangam akka humna qaban ibsuu;

3. Adeemsa baruufi barsiisuu keessatti ga’ee gilgaalonni kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa qaban maalfaa akka ta’an tarreessuu;

## 1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuun faayidaa mataasaa qaba. Akka qorannoo kanatti adeemsa baruufi barsiisuu barnoota afaanii keessatti qinda’ina qabiyyee barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa gilgaalota keessatti argaman dhimmoota naannoo jireenyaa waliin qaban adda baasuun hubachuudha. Kana maleesi barattoonni ogummaawwan afaaniitti fayyadamuun ofiifi naannoo isaanii ibsu.Kanaafuu milkaa’inni qorannoo kanaan bu’aan argamu qaamota kanaan gadiitiif faayidaa qaba jedhamee abdatama.

- Ogeeyyii barnootaa meeshaalee barnootaa (kitaaba barataa) kana qopheessaniif gara fuuladuraatti akka madda odeeffannootti fayyaduu danda’a.
- Barattoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti ogbarruuwwan, caasluga, dandeettiiwwan ogummaa afaanii gilgaalota keessatti argamaniin naannoon isaanii maal akka fakkaatu hubachuu danda’u

- Namoota gara fuula duraatti mataduree kanarratti qorannoo bal'aa gaggeessaniif akka madda odeeffannootti fayyaduu danda'a.

## 1.5 Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo kanaa xiinxala walsimannaa gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naannootiin walqabatan:Gama aadaa,seenaa, duudhaafi haala jiruufi jireenyaa uummata Oromoo xiinxaluudha. Kitaabni barataa kunis kan bara 2005/2012 maxxanfaman bu'uura kan godhateedha. Qorannoon kunis gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa ,qajeelcha barsiisaafi silabasiin kan daanga'uudha. Dabalataan odeeffannoo fudhachuudhaaf Godina Shawwaa Lixaa, Aanaa Abuunaa Gindabarat Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa jiran arfan Abuunaa, Gooroo Furxoo, Anfaaraafi Haroorratti kan daanga'eedha.

Aanaa kanarratti akka daanga'uufi manneen barnootaa arfan kana waan ta'eefsi qorataan hojii idileetiin naannoo kanatti hojjechaa waanjjiruufi qorannoo isaa fiixaan baasuuf yeroofi haala mijaa'aa uumaaf jedhame abdatama.

## 1.6 Hanqina Qorannichaa

Qoratichi qorannoo kana yeroo gaggeesse qorannoo ammaan dura mataduree kana waliin walitti dhiyeenya qabu argachuu hindandeenye.Haata'u malee qoratichi tattaaffii mataa isaatiifi deggersa gorsaan taasiseefiin qorannicha geggeessee jira.Kana maleesi yeroo ragaafudhachuuf manneen barnoota deddeebi'aa turetti hanqinni geejjibaafi od-kennitoonni manneen barumsaa keessatti argamuu dhabuun tureera.Ta'us nuffii tokko malee deddeebi'uun ragaa barbaadamu fudhachuun qorannichi akka yeroon xumuramu ta'ee jira.,

# Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruulee

## 2.1. Sakatta'a Barruu Yaadrimee

### 2.1.1. Gilgaalotaa

Lee (2000:32) gilgaalaaf hiika yommuu kennu "A task is a classroom activity or exercise that has an objective attainable only by the interaction among participats, a mechanism for structuring and sequencing interaction and foucus on meaning exchange" jedha. Kunis kan agarsiisuu gilgaalli sochii barattoonni daree barnoota keessatti raawwataniifi hirmaattootan (barattootaa fi barsiisota) gidduutti hiika qabeessa akka ta'uuf gocha raawwatamu dha. Kunis kan raawwatamu hubannoo barattoota cimsuufi hojji kalaqaa akka gonfataniif hojii raawwatamudha.

Gilgaalli gochaa yookiin raawwii afaanitti fayyadamuun yookiin hubachuun hojjetamuudha. (akka deebiitti) fakkeenyaaf, teeppii yommuu dhaggeeffatan, kaartaa kaasuu, ajaja dhaggeeffachuu, ajaja raawwachuufi kkf akka gilgaalatti ilaalamuu danda'u. Barsiisaan gilgaala raawwatamu ifa gochuu /murteessuu/ qaba.Afaan barsiisuu keessatti gilgaala garaagaraatti fayyadamuun faayidaa inni qabu afaanichaa afaan walqunnamtii gochuuf gargaara. Kunis sochii daree keessatti taasifamu ni jajaabessa.

Akka Richard,(2001) Breen, (1987:26) wabeeffachuun ibsetti gilgaalli hojii barnootaa afaaniitiif baay'ee barbaachisaadha. Afaan barsiisuu keessatti bifa salphaafi qabatamaa ta'een hojii barnootaa galmaan ga'uuf gilgaalli isa bu'uuraati.Meeshaaleen barnootaa afaan barsiisuuf qopha'an qabiyyee isaan ofkeessatti qaban adeemsa raawwii yookiin hojiirra oolummaa isaanii kan isaan ifatti mul'atan hojii gilgaalaati.

Brean (1987:23) Gilgaalaaf hiika yoo kennu, "…. any structured Language Learning endavours which has a particular objective, appropriate content a specified working procedure and a range of outcomes for those who undertake the task" jedha. Kunis kan agarsiisuu barumsi afaanii sirnaan caaseffamee tahee kan kaayyoo ifa ta'e qabu, qabiyyee sirrii qabe, adeemsa itti raawwatamu qabuufi bu'aa dhumarratti eegamu kan of keessaa

qabudha. Kanaafuu gilgaalli hojii barumsa afaanii keessatti kaayyoo of danda'e qabu, shaakala ifaafi murtaa'aa ta'e kan qabuufi adeemsa isaas salphaarraa gara walxaxaa (dheeraatti) kan deemudha. Fkn garee rakkoo hiikuu, murtii kennuufaa dabalachuu danda'a.

Dhimma kana ilaalchisee Richard, platt and weber (1986,289) yoo ibsan, "The use of different kind of tasks in languge teaching is said to make the language more communicative …" jedhu. Kunis afaan barsiisuu keessatti gilgaalota adda addatti dhimma bahuun barbaachisa akka ta'e agarsiisa.

Kaayyoon barnoota afaanii /language education) inni guddaan barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa (basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii biyya keenyaas, meeshaalee ogummaawwan (dandeettiiwwan) kanneen irratti barattoonni gahumsa gonfachiisuuf gilgaalonni adda addaa kanneen akka shaakala dubbisa duraa, shaakala yeroo dubbisuu, shaakala dubbisa boodaafi gilgaalota caaslugaafi afoola Afaan Oromoo jalatti kanneen argaman barattoota madaaluufi shaakallii godhamu gilgaala jedhama. (Ministeera Barnootaa, 2005).

Akkasumas qabiyyee barnootaa adeemsa baruu fi barsiisuu galmaan ga'uuf kanneen kitaaba barattootaa keessatti tarreeffaman hundi gilgaala ykn qabiyyee barnootaa jedhamu. Yaada kana ilaalchisee beektonni wigginsiifi MC tighe (2006:6) yoo ibsan, "content is alist of topics and lits of key facts and skills." Jechuun ibsu.Yaada beektoota kanarraa wanti hubatamu gilgaalonni ykn qabiyyeewwan barnoota ibsan matadureewwaniifi tarreeffama ogummaawwan afaanii akka ta'e nu hubachiisisu.Akkaatuma kanaan qabiyyee ykn gilgaalonni kitaaba barattoota tokko keessatti tarreeffaman ulaagaalee guutuu qaban qabu.Yaada kana ilaalchisuun hayyuun Breen (1987:83) irratti yoo eeru, qabiyyee (gilgaalonni) xiyyeeffannoo, kan filatame ta'uu, kutaa kutaan kan qoqqoodame ta'uufi tartiiban kan qophaa'uu tahu qaba."jedha.Kanaafuu gilgaalonni yeroo qophaa'an salphaarraa gara cimaatti (form simple to complex) ta'uu akka qabudha.

### 2.1.2.Gahee Gilgaalonni Kitaaba Barnoota Keessatti Qabu

Adeemsa baruufi barsiisuu afaanii keessatti galma ga'insi sagantaa barnootaa afaan tokkootiif dhiyaannaan gilgaalota kitaaba barnootaa keessatti iddoo guddaa qaba. Kitaabni

barnootaa gosa barnootaa tokko qofa qabatee tooftaadhaan kan sadarkeeffamu sadarkaan barnootaa tokkootti kan fayyadamuuf kan qophaa'uufi sagantaa barnoota tokkoof meeshaa barnoota isa olaanaadha. Kitaabni baratattoota qabiyyee mijaa'aa kan qabu, tooftaa gilgaalonni baruufi barsiisuu keessatti qabu waliin kan deemu sirriitti qindaa'ee barattoota kan kakaasuufi barsiisaan bal'inaan dhiyeessuu kan mijaatu tahuu qaba (Good 1973).

Gama biraatiin immooo gahee gilgaalli kitaaba barnootaa barsiisota muuxannoo hinqabneef haala isan karoora baafatanii ittiin barsiisan qajeelchuuf kan gargaaru ta'u qaba (Richards 2001). Akkasumas haala barattoonni irra jiran sakatta'uufi barattoonni maal irra akka jiran addaan baafachuuf hojiiwwan isaanii daawwachuufi sakatta'uuf barbaachisadha.Kun ammo, karaa idilee ta'een hirmaannaa isaanii bu'uureffachuun ta'u mala.Gilgaalonni ga'umsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barataa keessaatti haalaan dhiyaateera.Barsiisaanis gilgaalota kanatti dhimma ba'un waan barattoonni isaa irra ga'an madaaluu qabu. (Ministera Barnootaa, 2005).

Akka walligalaatti yoo ilaalluu kitaabni barnootaa sagantaa barnoota afaanii keessatti qabu olaanaadha. Isaan keessaa warren ijoo tahan:-

- Gilgaalota barattoonni afaanichaa ittiin barataniifi waliin barachuuf isaan gargaaruun dhiyeessa.
- Qabiyyeewwan afaanii, seer-luga, ijaarsa jechootaafi dandeettiiwwan afaan akka cimsan dhiyeessa.
- Barsiisota mara haala walfakkaatuun dhiyessa.

Haaluma walfakkaatuun Adaanee (2013:7) hayyuu Heinchi, waabeeffachuun meeshaalee barnoota, kitaaba baraataa yoo ibsu:-

> *Meeshaaleeen barnootaa sadarkaa kamirrattuu kennamu haala itti odeeffannoo barnootaa toora galee ykn caalaatti akka hubataniif qindaa'e barataa bira gahuun bu'aa qabeessa kan taasisuudha. Kana malees barnoota qabatamaa taasisuun qabiyyee barnootaa daree keessatti laatamu naannoo isaa waliin walsimsiisuun dhiyeessuun haala baruufi barsiisuu caalaatti milka'awaa kan godhudha. Adeemsa dalagaa baruufi barsiisuu haalaan qabatamaa gochuuf meeshaan qabiyyee (gilgaalota) barnootaa waliin deemanitti gargaaramuun daran barnootichi bu'aa qabeessa taasisa*.

#### 2.1.2.1 Afoola Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti

Afoolli barnoota afaanii keessatti ga'ee guddaa qaba. Yaada kana ilaalchisee Faqqaadaan ( 1999:11) yoo ibsu, barattoonni Oolmaa daa'immaniirraa jalqabanii ykn eegalanii afoola naannoo isaaniitti argaman kanneen akka mammaaksa, hiibboo, sheekkoo ( oduudurii), sirba yeroo gaa'elaafi kkf afaan dubbiitiin yoo itti fayyadammaa turan sammuun isaanii bilchaataafi namoota cicciimoo tahanii guddatu.

Daa'imman kunis mana barnootaatti akaakuuwwan afoola Oromoo kanneen akka Mammaksa, hiibboo, cilgoo, Jechama, oduudurii (Sheekkoo) fi malleen dubbii ykn dubbii qolaa baay;inaan gilgaalota kitaaba barnoota keessatti argatu. Waa'ee afoollan Oromoo kana ilaalchisuun hayyoonni yaada adda addaa kennanii jiru.

Mammaaksi: Faayidaalee hedduu qaba. Isaaniis himoota gaggabaaboon fayyadamuun dubbii cimaa dabarsa, namoota waldhaban walitti fiduufi guddina afaan tokkootiifsi ga'ee qaba. (Finnegan 1970: 412-413)

Ciigoon: akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'e yaada dhoksaa of keessatti kan qabuudha. Akka Getaachoon ( 2008-45) ibsuutti "ciigoowwan Afaan Oromoo Jirruufi jireenya Uummataa ibsuurratti bu'aa guddaa qabu" yommuu jedhu seenaa,  aadaa, duudhaa, safuu, jaalalaafi jibba, gammachuufi gadda, shakkifi amantaa, waldhabiinsaafi waliin jireenya namootaa kkf ibsuurratti ga'e guddaa qaba" jedha.

Jechama: Jechamni afoola sabni Oromoo baay'inaan itti fayyadamu keessaa tokko. Jechamni kunis hiika lama qaba.Isaanis hiika ifaafi dhokataadha.Akka Getaachoon (2008: 148) ibsuutti "jechamni afoola luga Oromooti Hawaasa keessatti yaadawwan ergaa dachaa qabu luga Oromoo keessatti fayyadamuun wanta sirriitti beekamudha" Jedha.Akkasumas Wasnee Bashaa (2000:55) akka ibsutti "keessa dubbiichaatii namaaf ibsa, akkasumas yaada namaa cimsa; dubbii icciitii ta'e dabarsa" jedha.Haala kanaan, ilaalchi jechama irra jiru hiika tokko qofaa osoon hin taane hiika lama qabachuu mul'isa.

Malleen dubbii:  Addunyaa (2016:208) malleen dubbii (dubbii qolaa) yommuu ibsuu "malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko nama hubachiisaniidha" jedha. Karaan ergaan kun darbuusi gosoota malleen dubbii akkasaa, nameessaa, iddeessaa, eemit, habalakaafi arbeessaa itti fayyadamuundhaan.

### 2.1.2.2 Hiika Jechoota barsiisuu Keessatti

Gilgaalonni kitaaba barnoota keessatti argaman kallattii adda addaan fayyadama jechoota barsiisuu danda'u.Isaan keessaa tooftaan tokko kallattiidhaan mala barsiisonni dubbisa duraa keessatti hiika jechoota ijoo tahan muraasa isaanii ergaa dubbisichaa akka hin hubanne godhan dursaniin akka hubatan barsiisuudha (Gairnsfi Redman, 1986).

Gama biraan hiika jechoota barsiisuuf karaan salphaa fi bu'aa qabeessa ta'e keessaa inni tokko jechoota walqabsiisuufi qindeessaanii dhiyeessu akka ta'e hayyoonni nidubbatu. Tooftaaleen walqabsiisuun jechootaa walitti hidhata jechoota /word web/, mappii jechoota / word map/ qindoomina jechootaa, /word association/ kanneen tarreeffaman waa'ee hiika jechoota, kanneen hiika walfakkaataa, hiika faallaafi hiika dimshaashaa jedhaman irra caalaa addeessuu akka danda'an hayyoonni ni dubbatu.

Yaada kana kan deeggaru MC carthy (1990) you barreessuu "semantic relationship interms of synonymy and antonymy tends to simplify the complex nature of the mental lexicon" jedha.

Hiika kallatti: hiika kallattiin fayyadamu hiika jechootaa (vocabulary meaning) barsiisuu dandeenya. Akkaataa hiikni kana dhimma itti baanus hiika guyyaa guyyaan jireenya hawaasummaa keessatti nu qunnamaniin.

Fakkeenyaaf battalumatti → yerooma sanatti

mara → hunda

daandii→ karaa

naatoo→ miidhagina

hedduu→ baayyee.

Hiika faallaa jechuun kan hiikni isaanii waliin hindeemne dha. Kunis karaa gilgaalonni kitaaba keessatti argaman walitti qindaa'an keessaa isa tokkodha. Kunis kan gaggeeffamu hiika kallattii fi hiika faallaa wal-bira qabuundha. Akka nation (2001:68) ibsutti "That words can be organized in to specific lexical category by the semantic relation of antonymy"

jechuun ibsee jira. Kunis kan nuti agarsiisu tooftaa hiikni jechootaa ittiin barsiifaman keessaa inni tokkoo jechootaaf hiika faallaa isaanii kennu ta'uusaa hayyuun kun eeree jira.

Mala baruu fi barsiisuu fayyadama jechoota ilaachisee (Tolemariam ,_____ 59 ) yommuu ibsuu.

> *Caalmaatiinis fayyadama jechootaa barsiisuufi tooflaalee armaan gadii gargaaramuu dandeenya.Haala qindoomina qabuun hiika kallattiifi mit-kallatti jechoota barsiisuu. Barattootaaf carraawwan adda addaa qopheessuu akka ittiin jechoota bu'uuraa dubbii gaggeessuu irratti itti gargaaramaniifi beekumsa jechootaa al kallatti kan bira ga'amu ykn kan xumuranu osoo hin taane dagaagaa akka deemuu hubachiisu. Barruuwwan adda addaa akka dubbisaniifi dhaggeeffatan taasisuun hiika walfakkifi faallaatin jechoota barsiisuu fakkii fi giraafii (graphic organizes or concept map) fayyadamuu fayyadama jechoota barsiisuun ni danda'ama.*

Yaada hayyuu kanarraa waanti hubatamu barreeeffama adda addaa keessatti jechoota karaa adda addaa barsiisuufi itti fayyadamuu akka dandeenyu nutty agarsiisa.Kana malees hiika jechootaa kallattii garaagaraatiin barsiisuun akka danda'amu ibsa.

### 2.1.2.3 Caasluga Afaan Oromoo Barsiisuu Keessatti

Hiika seerulga Kanaatiif Abdulsamad (1994:16) irratti yommuu ibssu: jechoonni seerluga jedhama kun jechoota lamarraa ijaaraman Isaanii: seeraafi luga walitti fiduudhaan uumame, kunis seerluga ykn seera afaanii jechuudha. Lugaan mala ilmi namaa jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti yaada, fedhii, hamilee isaa ittiin waliif ibsu waan ta'eef, Meeshaa walqunnamtii ti.

Yaada hayyuu kanarraa wanti hubannu caaslugni ykn seer-lugni Afaan Oromoo seera mataa isaa qabuuf tajaajila inni hawaasa keessatti kennuun iddoo guddaa qabachuu isaati. Kana malees seerlugni Afaan Oromoo barreeffamaan qofaa osoo hintaane afaan dubbiitiin hawaasa keessatti mul'achuu isaa agarsiisa. Yaaduma kana deeggaruudhaan Hamid.(1995:334) irratti seerluga jechuun "seeradubbii Afaan Oromoo, seera afaanii,

hirmaatadubbii” jedha. Kana malees seerlugni seera afaanii jijjiirama uunkaa fi walqabatiinsa hima kan agarsiisudha. Isaanis birsaga, garee jechoota, gaalee, ciroo, gosoota himootaa fi kkf ofkeessatti hammatu.

### 2.1.2.4 Ogummaawwan ( dandeettiiwwan) Afaan Barsiisuu keessatti.

Ogummaawwan (dandeettiiwwan) afaanii arfan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu yommuu tahan isaan kana keessaa barattoonni afaan dholaata isaaniitiin baratan ogummaawwan afaanii kanneen jalqaba lamaan maatii ykn naannoo jireenya isaan irraa hangatokko qabatanii dhufu.Kanneen lamaan dubbisuufi barreessuu immoo mana barumsaa keessatti barachuu jalqabu.( ministeera barnoota bara 2005). Ogummaawwan dhaggeeffachuu fi dubbachuu hanga tokko maatiirraa haa argatan malee gabbifachuun kan danda’amu mana barumsaa keessattidha.

Dubbisuu:Dubbisuu yaada barreeffama tokko ergaa isaa hubachuun hiika itti kennuudha. Dandeettiin kunis adeemsa walxaxaa ykn bu’aa bahii hedduu keessaa kan darbu yommuu tahu, adeemsa baruufi barsiisuu daree keessatti raawwatamu irratti hudaa’uun gulantaalee sadiitti qoodama.

Isaanis:- - shaakala dubbisuu duraa / pre reading/

- Shaakala yeroo dubbisuu /While – reading/

- Shaakala dubbisuun boodaa / post – reading/

Yommuu tahan tokkoon tokkoo isaaniin gocha daree keessatti raawwatamuun qooda matasaanii qabu.

❖ Shaakala Dubbisuun duraa / pre-reading, warm – up, into, before reading).

Akka Nabiyyuun (2017), Nattal (1982:153) wabeeffachuun yoo ibsu.

> *We need to have frame work of the reason for reading so that we can decided how detailed our undestading must be, so it is often helpful to give students an imaginary puprpose for reading, to enable them to judge what they canskim over, what they must attend to in detail, according togtehr relevance to their purpose.*

Akka yaada hayyuu kanatti mata–dure kitaaba barnoota tokko keessatti kenname tokko osoo dubbisuu hin jalqabiin ykn hineegaliin dura muuxannoo mataduree sanarratti qaban walitti fiduun akka barattoonni oonnataniifi kakka'umsa godhatniif isaan gargaara.

Shaakala yeroo dubbisuu:-Yeroo itti barattoonni kaayyoo dubbisichaafi ergaa dubbischaa walitti fiduun maalummaa dubbiscichaa itti hubataniidha. Kana malees gaaffiiwwan shaakala yeroo dubbisuujalatti argamaniif deebii itti kennaa deemaniidha.Akkasumas dubbisa dubbisaa jiran sanaatiif hiika itti keennaa deemaniidha.

Shaakala Dubbisuun Boodaa:-Gulantaan kun yeroo itti barattoonni gaaffiiwwan dubbisa keessaa bahaniif deebii itti kennaniif waan dubbisan sana hangam akka hubatan deebii itti kennaniidha.

Walumaagalatti gilgaalonni kun barattoota afaan barsiisuu keessatti shoora guddaafi ga'ee guddaa waan qabuuf gilgaalota ogummaa dubbisuu kanaatiif filataman jireenya guyyuu barattootaa kan waliin deeman tahuu qabu.

Bareessuu**:**Barreessuun ogummaawwan (dandeettiiwwan) afaanii keessaa isa tokko ta'e kan namni tokko shaakaluun baratu / gabbifatudha. Adeemsa barsuu fi barsiisuu keessatti yeroo baay'ee shaakala kan gaafatuu fi adeemsa walxaxaa keessa kan darbudha. Barreessuun ogummaa fayyidaa qabeessa kan jiruu namaa keessatti barnootaaf, dhaamsa dabarsuufi, seenaa, aadaa, dhuudhaa hawaasa tokko ittiin ibsuufi kkf itti dhimma baanudha. Kan maleesi barreessuun qubee afaan tokkoo bocuurraa eegalee hamma yaada ofii seeraan qindeessanii, jecha, gaalee, ciroo, hima, keeyyata, barreeffamaafi kitaabilee barreessuutti kan deemuudha. Kunis yeroo gaggeeffamu seera afaanii (duraaduba) qindoomina eegaachuun kan raawwatudha.

Akka suulxaan (2017) Red (2005:19) wzeeffachuun ibsuutti: “let us not teach our students to be writers … let us just teach them how to write” kunkan nutti agarsiisu barattoonni akka waan tokko barreessan irratti xiyyeeffachuu caalaa akkamitti akka isaan barreessu shaakalan barsiisuun gaarii akka ta'edha.

### 2.1.3.Gilgaalotaafi Naannoo Jireenyaa Akkamitti Walsimsinnaa?

Adeemsa sagantaa qophii qabiyyee sirna barnoota afaanii keessatti qaamni qabiyyicha qopheessuun dhiyeessuu galma ga'iinsa qabiyyee dhiyaatuu sanaaf gahee guddaa qaba.

Adeemsa baruufi barsiisuu qabiyyee barnoota afaan tokko mijataa tasiisuuf qabiyyeewwan hammataman murteessuufi sadarkeessuun mala qindaa'ina qabiyyeewwan dhiyaatu keessaa isa tokkodha.(shalama and Tujeja 2005) yaada kana haala qophii dhiyaannaa qabiyyee gilgaalota Afaan Oromoo walqabsiisuun ilaaluu dandeenya. Kunis gama murteessuun qopheessitoonni yommuu qabiyyee gilgaala afaanichaa dhiyeessan sadarkaa adda addaa jechoonni Afaan Oromoo itti ijaaramu danda'an adda baasuun dhiyeessuu qabu.

Dabalataanis gilgaalonni meeshaalee sirna barnootaa keessatti qophaa'an kaayyoo barnootichaa fedhii barattootaa waliin deemuusaafi haala naannoo waajjin walsimee deemuu, akkasumas aadaa uummataafi jechoota safuu eeguu keessatti xiyyeeffannoo qabaachuu tahu mala. Kana malees afaan baratamu, afaan walta'aa ta'ee kan looga hundaaf ta'uu hammatee qabiyyeen meeshaalee sirna barnootaa walsimachisa (Nuna, 1992).

Walumaagalatti yaada hayyuu kanarraa wanti hubatamuu gilgaalonni qabiyyee barnootaa bal'inni isaanii, mala baruufi barsiisuu haala barattoota, kaayyoon barnootichaa, haala naannoo, afaan walta'aa ta'uufi sansakaafi haalli dhiyaatina barnootaa akkaataan barsiisaan itti barsiisuu hundi xiyyeeffannoo argachuu akka qabudha.

Nunan (1989), Breen (1987) wabeeffachuun afaan tokkoo, qabiyyee mijaataafi adeemsa raawwii hojii murta'an baratamuuf qindoomina shaakaloota kitaaba barnoota keessatti argamaniin gaggeeffama.Kanaaf, dalagaaleen karoora hojii hedduu kanneen adeemsa kaayyoo afaan barachuu mara gaggeessuuf tajaajilan gilgaalonni salphaarra gara cicciimoofi walxaxaa ta'anitti qindaa'uun dhiyaataniidha.Barattoonni qajeelcha ykn ajaja gilgaalota irraa argatanii haala qabatamaan hojii adda addaa hojjechuu danda'u. Gilgaalonni barnootaaf dhiyaatan hanga danda'ametti haala qabatamaa jireenya guyyuu barattootaarratti kandhiyaatu ta'u qaba. Kana malees gilgaalli sadarkaa isaa eeggatee barnoota afaanii keessatti dhiyaachuun barbaachisaadha.

Akkatuma kanaan nunan (1989) gilgaalota dhiyyaannaa isaaniirratti hundaa'uun iddoo sadiitti qooddi.

1. Gilgaalota odeeffannoo hir'ate guutan. Barattoonni waan beekan yaada isaaniin walii qoodu.
2. Gilgaalota ka'umsa waan tokko ibsuuf yaalan. Wanta dhiyaate irratti hundaa'uun yaada biroo maddisiisuu.
3. Gilgaalota yaada ofii ibsuuf gaafatan. Yaada qabatamaa fayyadamuun yaada ofii ibsachuudha.

Nunan (1989) dabalataan amaloota gilgaalota mijaa'oo tahan akka armaan gadiitti keessee jirti. Isaanis:-

- Wanta qabatamaaf dhugaarratti hundaa'uu
- Barattoonni rakko akka furan kan godhu
- Barattoonni shaakallii walirraa hin cinne kan taasisu.
- Barattoonni ogummaawwan afaanii barataniitin hojjechuufi shaakaluu akka danda'an kan godhu.
- Haala qabatamaan jiru irratti hudnaa'uun kan dandeetti walii galtee daree barnootaa keessatti shaakalsiisu.

### 2.1.4 Walsimannaa Gilgaalotaafi Naannoo Bu'aa Inni Baruufi Barsiisuu Keessatti Qabu

Barattoonni ogummaawwan afaanii arfan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu bifa salphaa ta'ee akka gabbifataniif isaan gargaara.Kana malees seerlugaafi hiika jechootaa kitaabicha keessatti walsimannaan argaman sana naannoo jireenya isaanii walqabsiisuun aadaa, seenaa, eenyummaafi maalummaa isaanii akka hubatan taasisa. (Nuna, 1988).

Lier (1988:229) faayidaa gilgaalonni naannoo jireenya afaan tokkoffaa isaaniin barachuu barattota yommuu ibsu.

> *When children learn their first language, they do not first learn sounds, then words, the sentence, and the finally apply this linguistic knowledge in their interaction with the social world around them. They begin by interacting with the meaningful people in their environment and they converse, play games and engage in rituals long before they are able to ulter their first recognizable words. Their takers typically spend enormous amounts of time in setting up and developing these intractions and language develops along the way.*

Akka hayyuun kun ibseetti yeroo daa'imman afaan dhaloota isaaniin baratatan waliigalteef hawaasa naannoo isaaniirraa waan dursaniin barataniif sagaleelee, jechoota, himootaa fi itti fayyadama isaa beekuuf wanti isaan rakkisu hinjiru. Uummataafi naannoo isaanii kan hiikaa mataasaanii qaban waliin hariiroo Uumuudhaan jalqabu. Kunis osoo isaan jechoota dubbii waan tokkoo adda baasee isaan beeksisurra, tapha, qooquma sun keesaatti kanneenuma deebii itti kennamaniin dha. Warren isaa guddina garuu, akka ijoolleen qooqa isaanii gabbifataniifi waliigaltee hariiroo keessaa jirruufi danda'a itti yerootti eeggannoo guddaa godhuniif kuis kan agrsiisuu afaan dhalootaan barachuun daa'immaniif bu'aa guddaa qabachuu isaati.

Gilgaalota wal simaannaa jireenya guyyuu barattoota waliin deemu keessaa inni tokko gilgaalota afoola Afaan Oromoo jalatti argaman dha.Gilgaalonni kunis muuxannoo jiruufi jireenya hawaasaa tokko dhalootaa dhalootatti afaaniifi barreeffaman dabarsuudha.Hill (1986:7) akka ibsetti, afoolii beekumsa barattoota waliigalaa, gahumsa saammuufi guddina

jireenya hawaasummaa gabbisurratti gargaarsa guddaadha.Itti dabalunis afoolli sammuu namaa keesaatti gammachuu, kakka'umsa, ogummaa waan uumuufi beekumsa barsiisaa.

Kana malees, baddiluun (1996:12-15) faayidaa gilgaaloonni afoolaa barattootaafi kitaaba barnoota keessatti qabu yommuu ibsu afoolli aadaa barsiisuurratti gahee guddaa qababachuu isaafi ogummaa afaanii kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu fi hirmaannaa barattoonni duunfaafi gareen akka taasisaan godha.

## 2.1.5 Ulaagaalee filannoo meeshaalee sirna barnootaa

Haaluma walfakkaatunis yeroo adda addaa keessatti hayyoonni garaagaraa haala dagaagina sagantaa sirna barnootaarratti fooya'aa'iinsa jiruufi yeroo, yeroon haaromsa sirna barnootaaf yaadota gummacha qaban burqisiisa dhufuun isaanii nihubatama. Akkasumas dhimmaa baruu barsiisuu keessatti hubannoo bal'aafi beekumsa gahaan akka horatmuuf gargaaran ulaagaalee filannoo meeshaalee sirna barnootaa kan akka kitaaba baratаa yoo qophaa'utti maal maalirratti bu'uura godhachuu akka qabu hayyuun Seif. E.(1998) yoo ibsu akkana jedha.

> *One of the most helpful tools to have in acurriculum renewal process is a materials and textbook selection process that promotes understanding, based teaching and learning. In this the first of several articles, understanding by adsign principles are used to develop a powerful curriculum materials/ textbook selection process.*

Akka ibsa hayyuu kanaatti sirna adeemsa dagaaginaafi fooyya'insa sirna barnoota kessatti meeshaan hidhannoo barnootaa baayyee barbaachisaafi faayidaa qabeessaa ta'e keessaa inni ol'aanaan kitaaba barnootaa akka ta'eefi akkaataaan filannoo qabiyyee meeshaalee kanneenii ulaagaalee hedduun madaalamuu akka danda'amuufi sirna barnootaa qophaa'ee keessatti meeshaalen barnootaa bu'uura buruu-barsiisuu ta'an kan akka kitaaba barnootaa/ textbook keessatti qabiyyeewwan dhiyaatan ulaagaale filannoo hedduun madaalamee bocamuu akka qabuufi meeshaaleen sirna barnootaa kunis waan barsiisaan daree keesatti raawwachuu qabuufi raawwachuu hinqabne kan murteessu ta'uu ibsa.

Kanaafuu bu’uuruma yaada hayyuun kenneen ulaagaaleen filannoo meeshaalee sirna barnootaa hubachuurratti xiyyeeffate kan Elliott Seif, (1998) fooyya’e dhiyaate akka kanaa gadiitti ulaagaalee qabxii kudha tokko of keessaa qabuun ibsame jira. Kunis meeshaaleen barnootaa yeroo qophaa’anitti dhimmoottan ijo ulaagaalee kanneeniiraatti xiyyeeffatamanii iskeelii 1-5 argamuu akka qaban ibsa. Haaluma kanaan iskeeliin meeshaaleen barnootaa adeemsa banootaa keessatti tajaajila qaban kunniin haala isaan wantoota barbaachisan hammatanii dhiyaataan kan ittiin madaalaman sadarkaa kennuuf kan nama gargaaruudha. Isaan kunis, haala qophiin meeshaalee barnootaa sanaa qindoominni qabiyyeefi hariiroon kanaan akkaataan hayyuun kun filannoo meeshaa sirna barnootaa hubachuurratti kan xiyyeeffate ulaagaalee kana gadii kanaan akka madaalamuu danda’amu kaayyeera. Isaaniis:

- Meeshaaleeen Yaaddan gurguddoofi gaaffilee barbaachisoo ta’an irratti xiyyeeffatuu?
- Meeshaaleen namoonni baratan sirriitti yaaduu, ibsuufi dandeetti ol’aanaa akka fayyadaman godhuu?
- Meeshaaleen gama addaafi ga’umsaatiiniis bu’uura madaallii seera qabeessaafi wantoota garaagaraa madaluu danda’an hammatanii jiruu?
- Meeshaaleen gochoota hirmaachisaa fudhatama qabaniifi nama hawwataa hammatanii jiru?
- Meeshaaleen yaaddan gurguddoo itti fufinshaan irra deddeebi’anii ilaaluu?
- Meeshaaleen mala dagaagina barachuu barattoota kan sirriin calaqnisiisuu?
- Meeshaaleen dandeettii garaagaraa, fedhii waa beekuufi hubahuu akkasumas fadhii barattootaa kan biro keessummeessuu?
- Meeshaaleen sirna barnoota kun meeshaa barnoota kitaaba barataa qofarratti kan hudnaa’ee moo meeshaalee garaagaraa baayee’ee hammateera. Barachuu teeknoolojii deeggarame dabalatee?
- Meeshaaleen beekumsa walsimate, dandeettiiwwan walgiteefi odeeffannoo gadi fageenya qabu kan beekumsa dabalataa barattoota horachiisuudhaa?
- Meeshaaleefi qajeelffamoonni sagantaa sirna barnootaa kun sirriitti kan qinda’aniifi barsiisonni itti faayadamuuf salphaadhaa?
- Meeshaaleen muuxannoowwan, qooda fudhatiinsa maatiis dabalatee qaama muuxxannoo barbaachuutii?

Hedge (2000) haala qindoomina qabiyyeewwan barnootaa ilaalchisee yeroo ibsu, qabiyyeewwan kitaaba barataa keessattis ta'e daree keessatti yeroo dhiyaatan dhimmoota adda addaa xiyyeeffannoo keessa galchuun barbaachisaadha. Isaanis:

- Sadarkaa / level/ Qabiyyeewwan barattota shaakalsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaatan kanneen sadarkaa barattonni irra jiran giddu – galeessa godhate ta'u qaba. Kunis, gochaaleen dhiyaatan kan sadarkaa barattootaati ol yookiin gadi ta'e osoo hin ta'iin kan baratatoonni sadarkaa irra jiranitti dalaguu danda'an ta'uu qaba.
- Mata – duree / topic/ Qabiyyeen shaakalaaf kennamu kan ifaafi barattoonni dalaguu danda'an ta'uu qaba.
- Tajaajila / funcniton / Gochaaleen shaakalaaf qabiyyeewwan jalatti dhiyaatan bu'aa yookiin faayidaa argamuu qabu waliin kanneen walitti dhiheenya qaban ta'uu qabu. Fakkeenyaaf, kaayyoon barnootichaa seer-luga, dandeettiwwan afaanii, afoolaa fi kkf akka shaakalan yoo ta'e, gochaaleen barattootaaf dhiyaatanis dhimmoota kanaan kan walfakkaatan ta'uu qaba.
- Unkaa /form/ kun immoo, dhimmoota olitti ibsaman unkaa yookiin bifa kamiin dhiyaachuu akka qaban kan murteessudha. Fakkeenya, bifa marii gareetiinii, bifa dhuunfaadhaani fi barsiisaatu shaakalsiisuu qabaa.
- Xiyyeeffannoo /focus/ gochaaleen dhiyaatan dandeettii isa kan cimsuurratti akka xiyyeeffatan addaan baasuu. Fakkeenyaaf, dandeetti barreessuu, dandeetti seerlugaa…
- Haala /context/ haala qabatamaa barattoonni keessa jiranirratti hundaa'uun gochaalee naannoo yookiin muuxannoo barattootaan walsimuu, yeroo wajjii walsimuufi dandeettii barattootaa wajjiin walsimuu kan ilaallaatudha.
- Bifa garaagaraan dhiheessuu / variations/ gochaaleen tokko tokko daree adda addaafi sadarkaa garaagaraaf kan dhihaatan waan ta'eef gochaalee adda addaa dhiheessuu.

**2.1.6 Yaaxxina Qorannichaa**

Gilgaalli qajeelfamoota afaan barsiisuu gochaan deggaramu dalagaawwan daree keessatti saffisiisuufi akka barattoonni afaan barachuutti milkaa'oo ta'aniif faayidaa guddaa qaba. Innis ilaalcha hayyoota adda addaan kan deeggaramu yeroo ta'u yaadni isaanis kunis akka armaan gadiitti ibsamee jira. (Ellis, 2003).

A) Ilaalcha hayyoota xiinsammuu akka ilaalcha isaaniitti gocha ykn gilgaalli sammutti gargaaramuun meeshaa barattoonni odeeffannoo barnoota keessaa ittiin argataniifi adeemsisaniidha.
B) Walitti dhufeenya mala dhahaa /from interaction/ hypothesis) akka maladhahaa kanatti gilgaallii waliigaltee sissi'eessuuf kan gargaaruudha.
C) Haala dhiyyeenya, yaada sammuu /from cognitive approach) isaanii kun immoo, gilgaallii sirrummaafi qajeelummaa afaan barachuu keessatti fakkeenyummaa guddaa qabu jedhu.
D) Ijaarsa yaadaa /from constructivisim) akka yaada hayyoota kanatti immoo barattoonni karaa isaaniif ifa ta'een / hiika qabuun barachuuf isaan garagaara kana malees waa'ee isaanii yaadanii / learning is closely to linked to how people feel about themselves) fi barachuun walitti dhufeenya hawaasaa keessatti ga'ee guudaa akka taphatu ibsu.

## 2.2 Sakatta'aa Barruu Walfakkii

Qorannoon kun mataduree xiinxala walsimannaa gilgaalota kitaaba barataa AfaanOromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naannoo waliinwalqabatan jedhurratti gaggeeffame. Kaayyoon qorannichaa walsimannaa gilgaalota kitaaba barataa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naannoo waliin xiinxaluu beeksisuu ta'a.Ta'us qorannoon kanaan dura mataduree kana waliin walitti dhufeenya qabanii hojjetaman qoratichi haala armaan gadiin ilaaleera.

Eebbisaa(2009) Qaacceessa Dhiyannaa Ga'umsa Gilgaalotaa kitaaba barattoota, Afaan Oromoo kutaa 10ffaa Gama Dandeettiiwwan afaanii Arfaniin Haala qabatamaa mana barumsaa Daduu sad 2ffaa".Kan jedhurratti yommuu tahu xiyyeeffannoo qorannoo kanas dandeettiiwwan afaanii arfan dhaggeeffachuu. Dubbachuu, dubbisuu fi barreessuurratti,

Yommuu ta'u ogummaawwan yookiin dandeettiiwwan arfan kun gilgaalota keessatti haala kamiin akka qopha'aniifi mana barumsaa sadarkaa lammaffaa Daduu keessatti haala kamiin akka baratamaa jiru irratti kan xiyyeeffatu yommuu ta'u, qorannoon amma geggeeffamaa jiru kana waliin tokkummaan isaanii kaayyoowwan afaanii irratti hundaa'uun jireenya hawaasummaa keessatti ergaa dabarsuufi waliigaltee uumuudha. Garaagarummaan isaanii garuu qorannoo amma geggeeffamaa jiru gilgaalota irratti ta'uu isaati.

Kana keessatti ga'umsa qabachuu isaaniirratti hundaa'uun haala qabatamaa mana barsumaa sad. 2ffaarratti kan xiyyeeffatudha.

Mata durree qorannoo amma gaggeeffama jiruu kanaanis yoo walbira qabnee ilaallu gilgaalonni kitaaba barnoota kutaa 10ffaa keessatti argaman kun jiruu fi jireenya guyya baratatotaa walsimannaa isaan naannoo jireenya waliin qaban xiinxaluurratti xiyyeeffata.

Sulxaan (2009) "sakatta'a dhihannaafi ga'umsa gilgaalota kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa 11ffaa gama dandeettii Barreessuutiin". Kanjedhu yommuutahu, qorannoon kunxiyyeeffannoon qorannichaas barattoonniogummaawwan afaanii arfan jira keessaa barreessuurratti kan xiyyeeffatudha. Kunis gilgaalonni ogummaa barreessuu kan jalatti argaman kun dhiyaannaa qoratichi ibsee jira. Kana maleesi barattoonni bilisaan akka hin barreessine kan godhuu fi ga'umsi gilgaalota dhihaatanii ga'umsa barattootaa sadarkaa kutaa 11ffaa'n kan walhinginnee tahuu; qajeelfamoonni shaakala barreessuu irratti kennaman qajeelfamoota afaan lammaffaa ta'uu isaanii qoratichi ibsee jira.

Walumaagalatti kaayyoon qorannoo kanneenii yoo walbira qabnee ilaallu qorannoowwan lameenuu armaan olitti eeraman kun dandeettiiwwan afaanii qofaarratti waan geggeeffamaniif dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuurratti yommuu xiyyeeffatan inni ammaa kun gilgaalota kitaaba barnootaa kutaa kurnaffaa keessatti argaman hunda irratti xiyyeeffata.

# Boqonnaa Sadii: Saxaxaafi Malleen Qorannichaa

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala walsimannaa gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa dhimmoota naanootiin walqabatan kan bara 2005 A.L.I. qophaa'e irratti gaggeeffamedha. Dhimmoota qorannichaa keessatti akka ijootti ykn bu'uuraatti ka'aman maalirratti akka xiyyeeffachuu qaban, addaan baasanii beekuun qorannichi haala barbaadameen raawwachuuf gargaara.

Akka cohen, manion and Morrison (2005:73) ibsaniiti, "Researchi desing is governed by the notion of fitness for purpose". The purposes of the research determine the  methodology and design of the research" Jedhu. Yaada kana qalbeeffannoun yoo ilaallu, qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffata yoo ta'e saxaxni isaa ibsaadha.Addunyaa (2011:63) saxaxa qorannoo yoommuu ibsu, saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Qaama qorannooo sana keessatti argamu akkamitti akka hojjetullee nito'ata. Haaluma kanaan qoratichis ragaalee maddoota adda addaarraa argaman (sakatta' iinsa dokumeentiifi af-gaaffii barsiisotarraa) argaman qaacceessuuf mala akkamatatti dhimma baheera.

Sababni malli kun filatameefii qorataan rakkoolee jiraniif ragaalee bifa ibsaafi himaatiin argamuu danda'an qaacceessuuf mijaawaadha jedhee amanuuf. Kanaafuu malli akkamtaa odeeffannoo dhimma qorannichaa gadfageenyaan xiinxaluuf mala mijaawaa ta'uu hubanna.Haaluma kanaan malli sakatta'aa addeessaa (descriptive survey study) bal'inaan itti dhimma bahuuf filatameera.

## 3.2  Madda Ragaalee

Qorataa ragaalee gaaffilee qorannoo kana keessatti ka'aniif deebii kennuu danda'an maddoota lamarraa argate.Isaanis madda odeeffannoo jalqabaa (primary source data) yommuu tahu innis kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaa qabiyyee/ gilgaalota/ kennamandha.Maddi odeeffannoo lamaffaa (secondary source of data) immoo barsiisotaa Afaan Oromoo kutaa 10ffaa barsiisaa jiran taha. Sababni isaasi barsiisonnikun kallattumaan dhimmoota naannoo isaaniifi gilgaalota kitaaba barataa Afaan Oromoo naannoo jireenya keessatti walsimaatanii argaman hubannoo isaa waan qabanifidha. Akka waliigalatti kitaaba

barnoota Afaan Oromoo kutaa 10ffaafi barsiisoonni kutaa kanaa barsiisan madda odeeffannoo qorannoo kana tahanii dhiyaataniiru.

## 3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Milkaa'ina qorannoo tokkoof qorataan mala ragaalee ittiin funaanu addaan baasee beekuun barbaachisaadha. Akkaataa qorannoon kun fiixaan ba'uu danda'uutti maloota odeeffannoon ittiin funaanamu amala mataduree isaatiif mijaawaa ta'u qoratichi qorannoo kana yeroo gaggeessuutti meeshaalee funaansa ragaa xiinxala sanadaa (document analyisis)fi af-gaaffii fayyadamee jira.

### 3.3.1 Sakattaa'a Dokumeentii

Adeemsa qorannoo kana keessatti, maddi funaansi ragaa inni jalqabaafi bu'uuraa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaati. Sababni isaasi barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduu keessaa inni tokko kitaaba barattootaati. Kitaabni kunis jalqaba kan maxxanfame Rippaablika Dimookiraatawaa Federaalwaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaatiin bara 2005/2012 yommuu tahu qorannoon kunis maxxansa jalqabaa kanarratti kan gaggeeffame ta'e, qoratichis ragaa funaanuuf gilgaalota kitaaba barnootaa kutaa kurnaffaarratti hundaa'uun haala jireenya naannootiin walqabsiisuudhaan sakatta'iinsi akka gaggeeffamu taasifame. Qoratichi gosa meeshaalee funaansa ragaa kana filateef, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa gilgaalonni kitaaba barnootaa keessatti argaman hangam jireenya guyyuu guyyaa barattootaa naannoo isaanii ibsan kallattiin kitaabicha keessatti waan argamaniif kitaabicha sakatta'uun hunda caalaa barbaachisaa waan ta'eef.

Kan xiinxalamus gilgaalonni  kitaaba barataa keessatti argaman dhimmoota naannoo waliin walmadaalsisuun itti gargaaramee jira. Yaada kana ilaalchise Dastaa (2013:131) akka ibsetti "…. Dokumantoota akka ragaatti gargaaramne kanneen osoo itti hin fayyadamin dura dhugummaa isaani hubachuun barbaachisaadha.Dugummaa isaanii Mirkaneeffachuuf immoo qeequun barbaachisaadha. Akka yaada hayyuu kanatti dookumentiin sakatta'uun akka madda adeeffannootti (ragaatti) kan nu tajaajilu ta'u ibsa.

### 3.3.2 Af- gaaffii

Qorataan qorannichi isaa akka milkaa'uu meeshaalee funaansa ragaalee lammaffaarratti af-gaaffiitti dhimma bahee jira. Kunis kan ta'uu danda'eef odeeffannoo baay'ee murteessaa bifa gaaffiitiin qophaa'an barsiisota Afaano Oromoo kutaa 10ffaaa barsiisan kallattiidhaan waan

ilaallatu rakkoo jiru furmaata isaa waliin kennuuf gargaara. Dastaa (2013:112) gaarummaa mala kanaa yommuu ibsu “odeeffannoon afgaaffiidhaan dhiyaatu yoo ifa hinta’iin qorataan keessa deebi’ee fooyyeessuu danda’uufi ragaa kennitoonnillee waan hingaliniif gaafachuuf carraa qabachuun isaaniin meeshaa kana filatamaa taasisa” jedha.

Akkaatuma kanaan mataduree dimmichi qoratamu sanarratti hariiroo dhiyeenya qaba kan jedhame barsiisotaan gaaffiifi deebii taasisuun odeeffannoo qabatamaa argachuufi qorannoo gaggeeffama jiru kun hangam haala qabeessa akka ta’e hubachuuf nama tajaajila waan ta’eef namoota muraasa manneen barnoota afur irraa qaamaan wal qunnamtii gochuudhaan yaada gadfageenyaa sassabachuufi gaaffilee ifa godhanii dhiyeessuuf kan nama gargaaru waan ta’eef meeshaan funaansa ragaa kun filatameera.

Af-gaaffiin qorannoo akkamtaa keessatti meeshaa funaansa ragaa murteessaafi hubannoo namoonni waan tokkorratti qaban baruudhaafis ta’ee namoota kaawwan hubachuufis mala cimaadha.Akkaatuma kanaa meeshaa odeeffannoo ragaa kana yeroo filatu gaaffilee bu’uuraa afur qopheeffateera.Kan qophaa’esi gaaffilee bu’uuraa qorannichaatiifi kaayyoo qorannichaarratti hundaa’uudhaa yommuu tahu, gaaffilee bu’uura ykn ka’umsa qorannichaaf deebii nitaha jedhame yaadameetii. Akkaatuma kanaan ji’a Bitooteessaa gaafa guyyaa 07/07/2011A.L.I. haaluma karoora wiixineetiin, basiisota bira dhaquudhaan haala gaariidhaan gaaffiifi deebiin sun gaggeeffamee jira.Odeeffannoo kennitoonnis muuxannoo qabanirratti hundaa’uun afaaniin yaada naaf kennaan barreeffamaan yaadannoo jala jalaa qbachuun gaaffilee hunda ergaan waliin gahee booda yaada naaf kennitaniif galatooma jechuun af-gaaffii isaa qoratichi raawwatee jira.

## 3.4 Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Akka Trochim (2006) ibseetti iddattoon hiika itti aanu kana qabachuu mala. “sampling is the process of selecting units (e.g, people, organizations) from a population of interest so that by studying the smaple we may fairly generalize our results back to the population from which they were chosen” Akka yaada kanatti iddattoo filachuun adeemsa jamaa tokko keessa odeeffannoo (ragaa) argachuudhaaf namoota ykn qaamota jamaa sanaa fudhatanii itti fayyadamuudha. Haaluma kanaan kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa fi barsiisota Afaan Oromoo bara kana Afaan Oromoo barsiisan qoratichi akka iddattootti gargaaramee jira. Sababni isaas kitaabni barnoota Afaan Oromoo kun irraawwatama

qorannichaa waan ta’eefdha. Gama biroon ammoo barsiisonni kutaa kurnaaffaa Afaan Oromoo barsiisaan mala iddattoo miti carraan qoratichi itti fayyadame jira. Gosa iddatteessuu miti carraa kana keessaa immoo gosa tokkoo kan ta’e iddaatteessuu akkaayyootti /purposive smapling/ fayyadamee jira.

Kanuma ilaalchisuudhaan Berg (2001:32) irratti yoo ibsu, when developing a purposive sampling, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population” Jechuun ibsa.Kan jechuun akka kaayyoo qorannichaatti yookiin qoratichaatti deebistoota ykn od-himoota filachudha.

Iddatteessuun akkayyoo isa jedhu. Adunyaan (2011:67) yoo ibus “akaakuun iddatteessuu mit – carraa kun qorataan tokko beekumsa dhimmichaarratti ka’ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda’u murteessuu ilaallata. Akkayyoo kan jedhameefsi ‘akka kaayyoo’ qorannichaatiifi qoratichaatti odeeffannoo irraa argatu murtoo mataasaan akka deemu ibsa”.Haaluma Kanaan barsiisota Godina Shawwaa Lixaa, Aanaa Abuunaa Gindabarat Manneen barnoota sadarkaa 2ffaa.Abuunaa, Gooroo furxoo, Haroofi Anfaaraa irraa barsiisota muuxannoo qabaniifi adeemsa baru – barsiisuu keessattti muuxannoo qabanii fi adeemsa baru-barsiisuu keessatti milkaa’ina cimaa agarsiisan Milkaa’ina qorannoo kanaatiif qoratichi filateera.

## 3.4 Tooftaalee Qaaccessa Ragaalee

Qoratichi meeshaalee funaansa ragaa adda addaatiin argaman ( sakattaa’iinsa dookumeentii fi af-gaaffii barsiisotaan) haala armaan gadiin qaacceessee jira Dursa, gilgaalota boqonnaalee barannoowwan jalatti argaman gabatee keessatti addaan qooduun akaakuun gilgaalaa, fuula, boqonnaafi maal barsiisa? Kan jedhan kanaan ergaa ibsamanii booda tokko tokkoo barannoowwaniif ibsi gabaabaan kennamee jira.Ibsa gabaabaa kana keessatti haalli gilgaalonni itti dhiyaaltaniifi jireenya guyyuu barattoota waliin deemuun isaaniin adda bahee jira.Itti aansuudahaan ragaaleen sakattaa’ama dookumeentii (sandaan) gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo dhimmoota naannootiin walqabatan qaacceeffamanii argaman bifa ibsaafi sakatta’iinsaan waan argamaniif mala dhihaannaa akkamtaatiin xiinxalamaniiru.

# Boqonnaa Afur: Ibsaafi Xiinxala Ragaalee

## 4.1. Ibsa Gabaabaa Waa'ee Kitaabichaa

Kaayyoon barnoota afaanii (language Education) inni guddaan akka walii galatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa (the basic language skills) horachiisuudha.Xiyyeeffannoon barnoota afaanii Naannoo Oromiyaa (biyya Oromiyaa) jedhamu kunis meeshaalee ogummaawwan kanarratti ga'umsa gonfachiisuun wal qunnamtii, barnootaaafi jireenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha.

Kaayyoowwan kana akka milka'uu gochuuf tattaaffiiwwan taasifaman keessaa inni tokko qophii gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti taasifamuudha.Kanaafuu, tokkon tokkoon kitaaba barataa qabiyyeewwan garaagaraattti boqonnaalee garaagaraatti qoodamuun barnoonni afaanii irra caalaa ogummaawwwan afaanii arfan dhaggeeffachu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu boqonnaalee hunda keessatti argamu.Dhaggeeffachuun garuu boqonnaalee sadii keessatti argama.Boqonnaan kunis 1ffaa, 2ffaafi 9ffaa keessatti yommuu tahu al-kallattii boqonnaa hunda keessa nijira.Gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatanis kaayyoofi gosa garaagaraa qabu.Kaayyoon isaanii, barsiisaa deeggaruun fedhii barattoonni barumsicharratti qaban kakaasuufi onnachiisuudha.

Kitaabni barataa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa bara 2005 A.L.I. Itti qophaa'ee hojiirra oolees boqonnaalee garaagaraa kudha-saddeet ta'aniifi barannoowwan adda addaa, qabiyyeewwan garaagaraa kanneen akka ogummaawwan afaanii, hiika jechootaa, caasluga, afoolaafi og-barruu barreeffamaa hammachuun qophaa'ee jira. Shaakalliifi gilgaalonni adda addaa kan umrii barattoota kana waliin walgitaniifi jireenya guyyuu barattoota waliin deeman hanga tokko kitaaba kana keessatti dhiyaatanii jiru.

### 4.1.2 Ibsa Gabaabaa waa'ee od-kennitoota Ragaa.

Odeeffannoon duubee odkennitootaa ragaa kennuuf iddatteeffamanii saala, umurii, sadarkaa barnootaafi muuxannoo hojii barsiisummaa isaanii ibsuu waliin haala armaan gadii keessatti ibsameera.

Seenduubee Barsiisota saala, umurii sadarkaa barnootaafi muuxannoo isaanii ibsu.

| Saala | | | Umurii | | Sadarkaa Barnootaa | | | Muuxannoo barsiisummaa | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Dhi | Dha | Id’aa | 25-30 | 36-40 | Dip | Dig | MA | 1-5 | 6-9 | 10-15 | 16-20 |
| 5 | - | 5 | 3 | 2 | | 4 | 1 | 3 | | 1 | 1 |

Haaluma gabatee 1: keessatti ibsameen barsiisonni ragaa kennuuf iddatteeffaman sadarkaan barnoota isaanii digiriin jalqabaa barsiisota afur yommuu tahan, barsiisaan tokko garuu sadarkaan barnoota isaa “MA” dha. Gama tajaajila barsiisummanis barsiisonni lamaan hafan garuu tajaajila barsiisumma waggaa 15 fi 20 qabu.

## 4.2. Xiinxala Ragaalee Walsimannaa Gilgaalotaa Naannoon Walqabatan

Qoratichi xiinxala gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaafi naannoo jireenya isaanii waliin walicinaa qabuun kan sakatta’amanifii garaagarummaafi tokkummaa qabiyyeewwan keessatti argame gabateewwan ykn chaartiiwwan armaan gadii keessatti akkaataa qoodaminsa barannoowwaniifi gilgaalotaan sakattaa’iinsi godhame yaadaan xiinxalamee jala jalaatti eeramee jira. Haaluma kanaan xiinxallii sakatta’insi gilgaalota kitaaba barnootaa kutaa kurnaffaarratti godhame haala kanaan gadiin ibsamee jira.

Gabatee 1: Giigaalota Naannoon walqabatan kan Agarsiisuu

| Akaakuu Gilgaala | Fuula | Boqonnaa | Maal Barsiisa? |
|---|---|---|---|
| Barannoo 1:Dhaggeeffachuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dhaggeeffachuu Duraa<br>Shaakala Yero Dhaggeeffachuu<br>Shaakala Dhaggeeffachuu Boodaa | 1<br><br>1<br>2<br>3 | 1: Maatii Afaanota Afro Eeshiyaa | Hubannoo dhaggeeffachuu |
| Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu | | 1: Afaan Akkamitti Jalqabame? | Hubannoo Dubbisuu<br><br>Fayyadama jechootaa |
| Gilgaala 4 hanga 7<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa<br>Gilgaalaa6: shaakala hiika jechootaa | 3<br>3<br>4<br>8<br>7 | | |
| Barannoo 3: Caasluga<br>Gilgaala 8: Shaakala Birsagaa<br>Gilgaala 9: Shaakala Tuqaalee Yaada xumuraa<br>Gilgaala 10 shaakala hennaa | <br>8<br>8<br>10 | | Beekumsa afaanii |
| Baranno 4: Barresessuu | | | |
| Gilgaala 11: Shaakala Yaada Jalqabamee hafe xumuruu | 12-14 | | og-barruu |
| Barannoo 1: Dhaggeeffachuu fi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dhaggeeffachuu Duraa<br>Shaakala yeroo Dhaggeeffachuu<br>Shaakala dhaggeeffachuu Boodaa | 15<br><br><br>16<br>17 | 2: Dubbisa HIV / AIDSii | Hubannoo dhaggeeffachuu |
| Barannoo 2: Dubbisuu fi Dubbachuu<br>Gilgaala 4 hanga 6<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 18<br><br><br>19<br>22 | 2: Dukkuboota Walqunnamtii saalaatiin Darban | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 3: Dubbachuu | 23 | | Dandeettii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Gilgaala 7: Shaakala Dubbachuu<br>Barannoo 4: Jechoota<br>Gilgaala 8: shaakala Hiika jechootaa | <br>24 | | dubbachuu<br>Fayyadama jechoota |
| Barannoo 5: caasluga<br>Gilgaala 9: shaakala Fufii<br>Gilgaala 10: shaakala Jechoota Tishoo<br>Gilgaala 11: Shaakala Hennaa Raawwimaafi Amsiiqaa<br>Gilgaala 12: shaakala latoo / Dhamjecha | 24<br>25<br>26<br><br>28<br>29 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 1: Dubbisuu fi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Dura<br>Shaakala yeroo Dubbisaa<br>Shaakala Dubbisaan Boodaa | 31<br><br><br>32<br>36 | 3: sirna<br>Fuudhaafi<br>Heerumaa<br>Oromyiyaa<br>Bahaa | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: Caasluga<br>Gilgaala 4: Shaakala Gaaleefi Gosoota Isaa<br>Gilgaala 5: shaakala ciroo<br>Gilgaala 6: shaakala Hennaa Tarsiiqaafi Raawwima Darbeennaa | <br>36<br><br>37 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: Afoola<br>Gilgaala 7: Shaakala Sirba Gaa'elaa | <br>38 | | Og-afaan ykn afoola |

Haaluma xiinxala gabatee tokkoffaa olii keesatti ibsameen boqonnaalee sadanuu keessatti wantoonni waliin hindeemne nijiru. Kunis boqonnaa 1: dhaqqeeffachuufi dubbachuu, kan jedhu gilgaalota 1 hanga 3tti kan of keessaa qabu yommuu tahu, innis gulantaalee dhaggeeffachuu sadan dhaggeeffachuu duraa, yeroo dhaggeeffachuufi dhaggeeffachuu boodadha. Matadureen dubbisa kanaas "maatii, Afaanota Afro Eeshiyaa" kan jedhu yommuu tahu, innis kan argamu qajeelcha barsiisaa kutaa 10ffaa fuula afur irratti. Mata duree kunis Maatii Afaanota Afro Eshiyaa waan taheef jireenya guyyuu barattoota waliin walhinsimaatu. Akkasumas boqonaa 1: barannoo 2: Dubbisuufii dubbachuu kan jedhu gulantaalee dubbisuu sadan kan of keessatti qabatu yommuu tahu mataduree "Afaan Akkamitti

Jalqabame”?jedhukun haala naannoo jireenya barattoota waliin hindeemu. Sababni isaasi mata – dureen kenname kun akka guutuu addunyaatti malee kan naannoo keenya qofaa miti. Boqonnaa 1: barannoo 3: caasluga gilgaala 10: shaakala hennaa kan jedhu haala naannoo jireenya barattootaa waliin hindeemu. Sababni isaasi moggaasni maqaa heennaa kanaaf kenname, naannoo jireenyaa waliin hindeemu.Fakkeenyi gosoota hennaa kanaaf kenname kunis ga’aafi ifaa miti.

Boqonnaa 2: barannoo 1: gilgaala 1 hanga 3tti jiran gulantaalee dhaggeeffachuu sadan kan ofi keesstti qabatu yommuu tahu, mata-duree akka dubbifamu godhame kunis barnoota AO qajeelcha barsiisaa fuula 18, irratti kan argamu yeroo ta’usi mata-duree dhiyaate kunis “HIV/AIDSII” kan jedhudha.

Kanaafuu gilgaalli Kun dhimmoota naannoo jireenyaa waliin hariiroo hinqaban. Akkasumas boqonaa 2: barannoo 2: dubbisuu fi Dubbachuu kan jedhu gilgaala 4 hanga 6tti kan ofi keessatti hammatuu fi gulantaalee dubbisuu ykn shaakala dubbisuu sadan kan ofi keessatti qabatedha. Mata-dureen dubbisa kanaasi “Dhukkuboota walqunnamtii Saalaatiin Daddaraban” kanjedhu yommuu tahu, gilgaallii kenname kunis naannoo jireenyaa waliin walhinsimu. Sabani isaasi dhukkubni kun darbe darbee namoota muraasa biratti kan mul’atu malee uummata hunda biratti kan argamu miti. Barannoon 3: Dubbachuu, gilgaala 7: shaakala dubachuu yommuu tahu kunis haala naannoo jireenyaa waliin hindeemu. Barannoo 4: jechoota, gilgaala 8: shaakala Hiika Jechoota jalatti jechoonni kennaman kan naannoo waliin deeman yoo ta’anillee muraasni isaanii kan hinwaltoofneedha. Barannoo 5: caasluga’tahe waa’ee danoomina Afaan Oromoo kan ibsu yeroo tahu, haalli gilgaalli kun itti dhiyaate ifaa tahu baatusi naannoo jireenya barattoota waliin walsimaata. Shaakalli jechoota tishoo gilglaala 10 jalatti argamanis naannoo jireenyaa walii yoo walsimatanillee haalli gilgaalli kun itti dhiyaate ibsa ga’aafi haallii tolfama jechoota kanaa ifaa miti. Akkasumas shaakalli hennaawwan gilgaala 11: jalatti kennamaniifi shaakalli gilgaala 12: latoofi dhamjechoota jedhuusi haalli itti uumamtee fi horteen isaanii itti raawwatu sirriitti hinibsamne.

Boqonnaa 3: barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu, Gilgaala 1 hanga 3tti kan ofi keessatti qabatu yommuu tahu, gilgaalonni sadan kunis waa’ee sirna fuudhaa fi heeruma naannoo

jireenya barattoota waan ilaallatuuf gilgaalonni kennaman kun walsimannaa qabu. Boqonnaa 3: barannoo 2: caasluga jalatti gilgaala 4 hanga 6tti kan jiru yeroo tahu gilgaalonni barannoo kana keessa jiranis shaakala gaaleefi gosoota isaa, shaakala ciroofi shaakala hennaa tarsiiqaafi raawwima darabeennaadha. Gilgaalonni kunis haalli itti isaan dhiyaatan ifaa miti.Sababni isaasi qabsiisa qa'aafi maalummaa gosoota caasluga kanaa wanti ibsame hinjiru. Kanaafuu gilgaalonni kun haala naannoo jireenya barattoota waliin hindeemu.

Boqonnaa 3: Afoola, Gilgaala 7: shaakala sirba Ga'eelaa yommuu tahu, gilgaalii kunis aadaa, seenaa, maalummaafi eenymmaa uummata Oromoo waan ibsuuf kallattumaan jireenya guyyuu barattoota waliin deema.

Walumaagalatti boqonnaa 1 hanga 3tti gilgaalota argaman akkaataa armaan olitti ibsamaniin kanneen naannoo jireenyaa waliin walsimataniifi kan waliin hindeemne addaan baasuun ibsi itti kenname jira.

Gabatee 2 Gilgaalota Naannoon walqabtan kan Agarsiisuu

| | | | |
|---|---|---|---|
| Barannoo 1: Dubbisuu fi Dubbachuu<br><br>Gilgaala 1 hanga 3<br><br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br><br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br><br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 39<br><br><br><br>39<br><br>40<br><br>43 | 4: Toluufi Hiree ishii | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: og-barruu<br><br>Gilgaala 4: shaakala og-barruu<br><br>Barannoo 3: caasluga Bamaqaa<br><br>Gilgaalaa 5: shaakala Bamaqaa<br><br>Gilgaala 6: shaakala sirna Tuqaalee | 44<br><br><br><br>45<br><br>45<br><br>45 | | Dandeettii bareessuu<br><br>Beekumsa afaanii |

| | | | |
|---|---|---|---|
| (Qubquddeessaafi qoodduu) Hennaa murannaa<br><br>Gilgaala7:shaakala Hennaa murannaa<br><br>Barannoo 4: Barreessuu<br><br>Gilgaala 8: Shaakala Barreessuu | 46<br><br>46 | | Og-baruu |
| Barannoo 1: Dubbisuu fi Dubbachuu<br><br>Gilgaala 1 hanga 3<br><br>Shaakala dubbisuun Dura<br><br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br><br>Shaakala dubbisuun Boodaa | 47<br><br>48<br><br>53 | 5: Burqaafi Dureettii | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: Caasluga<br><br>Gilgaala 4: shaakala Murannaa fi Murnaalaa<br><br>Barannoo 3: Barreessuu<br><br>Gilgaala 5: shaakala sirna Tuqaalee<br><br>Gilgaala 6: shaakala Barreessuu | 54<br><br>54<br><br>56<br><br>56 | | Beekumsa afaanii<br><br>Beekumsa afaanii<br><br>Og-barruufi beekumsaa |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br><br>Gilgaala 1 hanga 3<br><br>Shaakala Dubbisuun Duraa | 57<br><br>58 | 6: Onismoos Nasib | Hubannoo dubbisuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Shaakala yeroo Dubbisuu | | | |
| Shaakala Dubbisuun Boodaa | 62 | | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: Caasluga<br><br>Gilgaala 4: shaakala Maqaafi<br><br>Gosoota Isaa | 63 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: Afoola<br><br>Geerarsa<br><br>Gilgaala 5: Shaakala Geerarsa Barreessuu | 63 | | Og-afaaniifi xiin qooqa hawaasaa |
| Barannoo 4: Barreessuu<br><br>Gilgaala 6: Shaakala Sirna Tuqaalee<br><br>Gilgaala 7: Shaakala Seenaa Jireenyaa Barreessuu | 64<br><br>65<br><br>66 | | Og-barruu |

Akkuma gabatee 2 irraa hubannutti, boqonnaa 4: mata – duree “Toltuufi Hiree ishii” kan jedhu jalatti, boqonnaa 4: barannoo 1: dubbisuufi dubbachuu gilgaala 1 hanga 3tti kan of jalatti qabatu yommuu tahu, isaanis gulantaalee dubbisuu  sadeendha. Dubbisni mata-duree kana jalatti dhiyaate kunis bifa ‘assosama’ haadhiyaatu malee kallattiidhaan mudannoo akkasi kun jiruufi jireenya hawaasa keessatti nimul’ata. Kanaafuu gilgaalonni kun naannoo jireenyaa barattoota waliin walsimaannaa qabu. Akkasumas boqonnaa 4: barannoo 2: gilgaala 4 fi barannoo 3: gilgaala 5: jalatti shaakalli og-barruufi caasluga bamaqaa yaadannoo ga’aa qabaachuun baatanillee, haala naannoo waaliin walsimannaa qabu. Boqonnaa 4: barannoo 3: gilgaala 6: shaakala sirna Tuqaalee (Qubee  guddessaafi qoodduu) kan jedhu osoo maalummaa sirna tuqaalee kanaa hinibsiin yookiin fakkeenya tokkoollee hinkenniin gilgaala qofaa akka hojjetan waan jedhuuf haalli gilaalli kun itti dhiyaate sirrii miti. Kanaafuu fooyya’uu qabu. Kana malees gilgaalli 7 ffaan kan barannoo 3: jalatti argamu waa’ee shaakala hennaa murannaa yoo tahu jechi hennaa kanaaf kenname kan naannoo

jireenyaarra adda. Kanaafuu walsimannaa hiqabu. Boqonnaa 4: barannoo 4: gilgaala 8: jalatti kan argamu shaakalli barreessuu kun waa’ee barmaatiilee barnoota shamarran irratti dhiibbaa fidan ogummaawwan afaanii keessaa barreessuutti gargaaramanii waan naannoo isaanii ibsaniif kallattumaan wanta hawaasa keessa jiru mul’isa. Kanaafuu gilgaalli kun jireenya guyyuu barattoota waliin deema.

Boqonnaa 5: barannoo 1: Dubbisuu fi Dubbachu Gilgaala 1: hanga 3tti kan ofi keessaa qabu yommuu tahu gilgaalonni kunis gulantaalee dubbisuu sadandha. Mata – dureen dubbisaa “Burqaafi Dureettii” jedhu kunis bifa og-barruu asoosamaan dhiyaatullee jiruufi jireenya naannoo keenyaa waliin walsimaata. Sababni isaasi mudannoo akkasi kun hawaasa keessatti yeroo baay’ee nimul’ata. Kanaafuu gilgaalonni shaakala dubbisuu keessatti dhiyaatan kun naannoo jireenya barattootaa waliin walsimatu. Kana malees aadaa Uummata Oromoo biratti baay’ee kana beekamaa ta’e Gilgaala 3: shaakala dubbisaa boodaa, gaaffii “B fi C” jalatti kan kenname hidda latiinsa Oromoo fi kan mataa ofii akka fakkeenya gaariitti fudhatama. Haaluma kanaan barannoo 2: caasluga gilgaala 4 shaakala murannaafi murnannaala akkasumas barannoo 3: barreessuu gilgaala 5: shaakala sirna Tuqaaleefi gilgaala 6: shaakala barreessuu keessatti gilgaalonniifi fakkeenyi kenname hanga tokko haala naannoo jireenyaa waliin deemu.

Boqonnaa 6: barannoo 1: Dubbisuu fi dubbachuu gilgaala 1 hanga 3 kan ofi keessatti qabatu yommuu tahu, isaanis gulantaalee (shaakala) dubbisuu sadandha. Gilgaalonni sadan kunis kallattumaan haala naannoo waliin wal-simatu.

Dubbisni kenname kun seenaa guddina og-barruu Afaan Oromootiif namoota gumaacha guddaa godhaniifi namoota naannoon jireenya barattootatti seenaa gaarii qaban akka isaan wal-bira qabanii hubataniif gumaachaa guddaa godha.

Boqonnaa 6: barannoo 2: caasluga, Gilgaala 4: shaakala maqaafi gosoota isaa kan jedhu yoo tahu, haallii gilgaalli kun itti dhiyaate ifaa miti. Sababni isaasi “Maqaa fi gosoota maqaa jechuun maal akka ta’ee fi gosonni maqaa meeqa akka ta’e wanti ibsame hinjiru. Kanaafuu barattoonni yoo kitaabilee wabii of biraa qabachuu baatan gilgaala kana hojjechuu hindanda an kanaafuu haallii gilgaalli kun itti dhiyaate rakkoollee qabaatu, barattonni hawaasa

naannoorra waa'ee maqaa kana hanga tokoo maatiirraa waan hubataniif naannooo isaanii waliin wal qabsiisuun itti dhimma bahu.

Barannoo 3: Afoola, Gilgaala 5: shaakala Geerarsa barreessuu kan jedhu kana gosoota geerarsa adda addaa kan goota faarsuu, quuqaa ibsatu, beekaa faarsuu, hojiirratti nama oonnachiisufikkf itti fayyadamuudhaan haala jiruufi jireenya hawaasichaa keesatti mul'atu ibsu. Kanaafuu jireenya guyyuu barattoota waliin deema.

Barannoo 4: barreessuu gilgaala 6: shaakala sirna Tufaalee fi Gilgaala 7: shaakala seenaa jireenyaa barreessuu. Gilgaalonni lamaan kun barattonni ogummaawaan afaanii barreessuutti gargaaramuun akka naannoo isaanii ibsataniifi seenaa jireenya isaaniifi kan namoota biro akka shaakala isaan taasisa. Kanaafuu naannoo jireenyaa waliin walitti dhufeenya qaba.

Gabatee 3: Gilgaalota naannoon walqabatan kan Agarsiisuu

| | | | |
|---|---|---|---|
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanaga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 67<br><br><br>68<br>73 | 7: Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa. | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: Caasluga<br>Gilgaala 4: shaakala Maqaa<br>Akka Maqibsaatti Fayyadamuu | 73<br>73 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: Barreessuu<br>Gilgaala 5 shaakala Tokkummaa fi Garaagarummaa<br>Gilgaala 6: shaakala Falmii Geggeessuu | 74<br>75<br>76 | | Og-baruu |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | <br>77<br>78<br><br>82 | 8: Garaa kaasaa | <br><br><br>Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: caasluga: | | | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Akaakuu Maqibsaafi Gochimaa<br>Gilgaala 4: maqibsaa fi Gochima<br>Barannoo 3: Barreessuu<br>Gilgaala5: Shaakala Himootaa sababaafi Bu'aa | 83<br><br>86<br><br>86 | | Beekumsa afaanii |
| Gilgaala 6: Shaakala yaada haqaafi dhuunfaa<br>Gilgaala 7: shaakala keeyyata Barreessuu | 88<br>90 | | Beekumsa afaanii og-barruu |
| Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hana 3<br>Shaakala Dhaggeeffachuu Duraa<br>Shaakala yeroo Dhaggeeffachuu<br>Shaakala Dhaggeeffachuu Boodaa | <br>91<br><br><br>92<br>93 | 9: Sirna Gadaa | Hubannoo dhaggee-ffachuu |
| Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 4 hanga 6<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | <br>93<br><br>94<br>98 | | Hubannoo dubbissu |
| Barannoo 3: Caaslgua<br>Gilgaala 7: Shaakala Walqabsiistota<br>Gilgaala 8: Shaakala Caasaa Himaa<br>Gilgaala 9: Shaakala Gochibsaafi Gosoota Isaa | <br><br>98<br>99 | | Beekumsa afaanii |

Akkuma gabatee 3 irraa hubannu boqonaaa 7: barannoo 1: Dubbissuu fi dubbachuu Gilgaala 1 hanga 3 tti kan of keessatti qabatu yommuu tahu, shaakala dubbisuu sadan irratti hundaa'aa. Mata – dureen dubbisa kana keessatti dhiyaatesi "Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa" kan jedhu yommuu tahu, barattoonni naannoo jireenya isaaniitti yaadaafi qalbiin deebi'uu wantoota naannoo isaaniitti argamana ka'umsa godhachuun salphaatti barreeffama kana hubachuu danda'u. Sababni isaasi wanti dubbifamu qabatamaan waan

naannoo isaaniitti argamuuf. Haaluma kanaan barannoo 2: kaasee hanga barannoo 3: kanneen argaman gilgaalonni hundi haala naannoo jireenya barattoota waliin deemu.

Boqonnaa 8: barannoo 1: dubbisuu fi dubbachuu gilgaala 1 hanga 3 ttii kan ofi keessaa qabuufi gulantaalee dubbisuu sadan irratti hundaawaa. Mata–duree dubbisa kana keesatti dhiyaates “Garaa kaasaa” waan jedhuuf naannoo jireenyaa barattota waliin hinsimatu. Sababni isaasi dhukkubni kun namonni qulqullina mata isaaniifi kan dhuunfa isaanii eeggannaan naanoon jireenyarra dhabamuu danda’a. barannoo 2: caasluga akaakuu maqibsaafi Gochimaa, Gilgaala 4: shaakala maqibsaafi Gochimaa. Akkaatuma barannooo 2: gilgaala 4 jalatti dhiyyaateen caaslugni eeraman kun caasaa afaanichaarratti hundaa’uun waandhiyaataniifi qabsiisa akkasumas fakkeenyi gilgaalota kana keessatti kennama haala naannoo jireenyaa waliin waan walqabatuuf barattoonni salphaatti hubachuu danda’u. kanaafu haala naannoo waliin wal-simata.

Boqonnaa 8: barannoo 3: barreessuu Gilgaala 5: shaakala himoota sababaafi bu’aa’ kan jedhu kun hiikni isaafi qabsiifni (yaadannoo) gabaabaa ka’umsaaf ta’uu tokkollee hin jiru. Kanaafuu haalli gilgaallii kun itti dhiyaate ifaa miti.

Barannoo 3: gilgaala6: shaakala yaada haqaafi dhuunfaa jedhu kun fakkeenyaa gaarii fi yaadannoo gabaabaa kan naannoo jireenyaarratti hundaa’ee waan ta’eef haalli dhiyaannaan gilgaala kanaa naannoo jireenyaa waliin walsimaata.

Boqannaa 9: barannoo 1: Dhageeffachuu fi dubbachuu Gilgaala 1 hanga 3 tti kan of keessatti qabatuufi dubbisni mataduree dhaggeefachuuf dhiyaate kunis barnoota Afaan Oromoo qajeelcha barsiisa kutaa 10ffaa fuula “71” irratti kan argamu yommuu tahusi mata-duree isaa ‘ Aadaa’ kan jedhudha. Akkuma beekamu aadaa jechuun haala jiruufi jireenya hawaasa tokko waan ibsuuf dubbisni kun naannoo barattoota waliin walqunnamtii qaba, kana maleesi boqonnaa 9: barannoo 2. Dubbisuufi dubbachuu Gilgaala 4 hanga 6tti kan jiran shaakala dubbisuurratti waan dhiyaate jirrufi mata dureen dubbisa kanas “Sirna Gadaa” waan jedhuuf kallaattuman jirruufi jireenya hawaasichaa ibsa. Kanaafuu gilgaalonni barannoo kana jalatti argaman walitti dhufeenya cimaa qabu. Barannoo 3: caasluga, gilgaala 7: shaakala walqabsiistotaafi gilgaala 8: shaakala caasaa himaa, akkasumas gilgaala 9: shaakala gochibsaafi gosootaa kan jedhu yaadannoo gabaabaafi fakkeenyii ykn caasaa afaanichaa

akkaata galama hawaasa keessatti itti fayyadamaniitti waan hinqophoofne walsimaanaa hinqabu.

Gabatee 4: Gilgaalota Naannoon walqabatan kan agarsiisuu

| | | | |
|---|---|---|---|
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | <br>101<br>101<br>102<br>104 | 10: Guddifachaa | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: caasluga<br>Gilgaala 4: shaakala Hiika Jechootaa<br>Gilgaala 5: Shaakala Sirna Tuqaale | 104<br><br>105 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: Barreessuu<br>Gilgaala 6: shaakala keeyyata Barreessuu<br>Gilgaala 7: shaakala Gumeefi Barreeffama Qopheessuu | <br>106<br><br>107 | | Og-barruu |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubisuun Boodaa | 109<br>110<br>113 | 11kunuunsa Qabeenya uumamaa | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: caasluga Durduubee<br>Gilgaala 4: Shaakala Fayyadama Durduubee<br>Gilgaala 5: shaakala Himaafi Gosoota Himaa | <br>114<br>114 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: Mammaaksa<br>Gilgaala 6: Shaakala Mammaaksa | <br>116 | | Og-afaan Afoola Oromoo |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo dubbisuu | <br>117<br><br>118 | 12: Jireenya Baadiyaafi Magaalaa | Hubannoo dubbisuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Shaakala Dubbisuun Boodaa | 121 | | |
| Barannoo 2: caasluga<br>Gilgaala 4: shaakala Hiika Jechootaa | 122 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: keeyyata Barreessuu<br>Gilgaala 5: shaakala keeyyata Barreessuu | 123 | | Dandeetti dubbachuu |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisun Duraa<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 125<br>126<br>129 | 13: sheek Bakrii Saaphaloo | Hubannoo dubbisuu |
| Barannoo 2: Caasluga<br>Gilgaala 4: Shaakala Hiika Jechoota | 130 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 3: Mammaaksa<br>Gilgaala 5: Shaakala Mammaaksa<br>Barannoo 4: Seenaa Jireenyaa Barreessuu<br>Gilgaala 6 Shaakala Seenaa Jireenyaa Barreessuu | 131<br><br><br>132 | | Og-afaan<br><br><br>Og-barru |

Akkuma gabatee 4 irraa hubannu, boqonnaa10: barannoo 1: dubbisuu fi dubbachuu gilgaala 1 hanga 3tti kan ofi keessatti qabatu yommuu tahu, gilgaalonni kunis shaakala (gulantaalee) dubbisuu sadandha. mata – dureen dubbisa kana keessatti dhiyaate kunis "Guddifachaa" waan jedhuufi dubbisni dhiyaate kunis aadaa oromoo keessatti beekamaa wann taa'eef kallattumaan jiruufi jireenya hawaasichaa waliin deema. Barannoo 2: caasluga, gilgaala 4: shaakala hiika jechootaa" kan jedhu kun dubbisa keessaa waan baheef jireenya guyyuu barattota waliin deema. Gilgaalli 5ffaan fuula 105 irratti kan argamu kun waa'ee shaakala sirna tuqaalee kan jedhu yommuu tahu, gosoota sirna tuqaalee keessaa wanta inni ibsuu barabaade hinbeekamu. Kanafuu haalli gilgaallii kun itti dhiyaate ifaa miti. Barannoo 3: barreessuu gilgaala 6fi 7 keessatti gilgaalonni argaman fakkeenyi isaanii haala jiruufi jireenya hawaasa waliin waan deemuuf kallattiidhaan walsimannaa qaba.

Boqonnaa 11: barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu gilgaala 1hanga 3tti kan argaman shaakala dubbisuu sadan waan ofi keessatti qabataniifi mataduree kenname kunis kallattiidhaan waan naannoo jireenya barattootatti argamuufi xiyyeeffannoo kunuunsa qabeenya uumamaa kanaaf godhamu qabatamaan mul'achaa jira. Kun immoo jireenya hawaasaa waliin akka deemu nu

habachiisa. Barannoo 2: caasluga gilgaala 4: shaakala fayyadaama durduubee ilaalchisee yaadannoo akka qabsiisatti kennameefi fakkeenyi gilgaala keessatti kenname waan naannoo jireenya barattootarratti hundaa'eef walsimannaa qaba. Akkasumas gilgaala 5: shaakalli himaafi gosoota isaa haalli gilgaalli ittiin dhiyaate ifaa tahu baatullee fakkeenyi gilgaala keessatti argamu jireenya guyyuu barattootaa waliin nideema.

Boqonnaa 12: barannoo 1: Dubbisuu fi dubbachuu, Gilgaala1 : shaakala dubbisuun duraa, yeroo dubbisuufi dubbisuun boodaa kan of keessatti hammatu yommuu tahu, mata – dureen dubbisaaf dhiyaate kun barattoota magaalaafsi ta'e kan baadiyaa qo'annoo fakkiirratti hundaa'uun waan dhiyeessee jiru kallattumaan jireenya naannoo barattootaa waliin walismaata. Akkasumas barannoo 2: caasluga, gilgaala 4: shaakala hiika jechootaa kana jalatti, jechoonni argaman hiika kallattiifi faallaan gargaaramuun barattoonni dandeettii beekumsa afaanii akka gabbifataniif haalaan ifatti ka'eera. Kanaafuu barattoonni hiika jechoota kanatti gargaaramuu naannoo isaaniin barreeffaman ibsachuu danda'u.

Boqonnaa 13: barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachu Gilgaala 1 hanga 3tti kan jiran yommuu tahu, mata-dureen shaakala dubbisuu gilgaalota kanaaf kennamees ykn dhiyaates dubbisa "Sheek Bakrii Saaphaloo' Jedhudha. Mata-dureen kunis waa'ee dagaagina og-barruu Afaan Oromoo godhan keessaa isa tokko waan ta'eef kallattumaa naannoo jireenya guyyuu barattota waliin deema. Haaluma kanaa barannoo 2: caasluga gilgaala 4: shaakala Hiika jechootaa barannoo 3: mammaaksa gilgaala 5: shaakala mammaaksa kanneen jedhaman, akkasumas barannoo 4: seenaa jireenyaa barreessu, gilgaala 6: jalatti kanneen argaman hundi isaanii jireenya guyyuu barattootaa waliin deemu.

Gabatee 5: Gilgaalota Naannoo walqabatan kan Agarasiisuu

| | | | |
|---|---|---|---|
| Barannoo1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 Hanga 3 Shaakala Dubbachuu<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuu Boodaa | 133<br><br>135<br><br>136 | 14:Afoola Oromoo | Hubannoo Dubbisuu |
| Barannoo 2: Afoola<br>Gilgaala 5: Shaakala Dubbisuun Duraa | 138 | | Hubannoo dubbisuufi og-afaan |
| Gilgaala 6: Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 7: Shaakala Dubbisuun Boodaa<br>Barannoo 3: Gosoota Afoola<br>Gilgaala 8: Shaakala Ciigoo<br>Gilgaala 9: Shaakala Hiibboo | <br><br><br>144<br>144 | | |
| Gilgaala 10: Shaakala Jechamaa | 145 | | Beekumsa afaanii |
| Barannoo 4: Barreessuu<br>Gilgaala 11: Shaakala Barreessuu | <br>146 | | <br>Og-barruu |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa | <br>147<br>150 | 15:Durba Morma Lamaa | Hubannoo<br>Dubbisuu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | <br>151 | | |
| Barannoo 2: Afoola<br>Gilgaala 4: Shaakala Jechamootaa<br>Gilgaala 5: Shaakala Sheekkoo<br>Gilgaala 6: Shaakala Hiibboo | 152<br><br>155 | | Og-afaaniifi xiinqooqa hawaasa |
| Barannoo 1: Dubbisuu fi Dubbachuu<br>Gilgaala 1 Hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 157<br><br>158<br><br>162 | 16: Gaabbii | Hubannoo dubbisuu |
| Balannoo 3: Afoola<br>Gilgaala 4: Shaakala Jechamoota<br>Gilgaala 5: Shaakala Malleen Dubbii | 163<br>164 | | Og-afaan afoola ykn<br>Xiinqooqa hawaasaa |
| Barannoo 1: Dubbisuu fi Barreessuu<br>Gilgaala 1 Hanga 3<br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 165<br><br>166<br>167<br>168 | 17: xalayaa | Og-barruu |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Barannoo 2: Hiika Jechootaa<br><br>Gilgaala 4: Shaakala Hiika Jechootaa | 169 | | |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Duubachuu<br><br>Gilgaala 1 Hanga 3<br><br>Shaakala Dubbisuun Duraa<br><br>Shaakala Yeroo Dubbisuu<br><br>Shaakala Dubbisuun Boodaa | 171<br><br><br><br>173<br><br><br><br>174 | 18: Barree ffama Odeeffannoo (wabiitti) Fayyadamuu | Og-barruu |

Akkuma gabatee 5 irraa hubannuutti Boqonnaa 14: barannoo 1: dubbisuufi dubbachuu gilgaala 1: shaakala dubbachuu yommuu tahu kunis barattoonni yeroo daa'imumma isaanii maali akka raawwachaa turaniifi afoola Afaan Oromoo keessaa maal akka beekan bifa hasaatiin akka yaada waliif ibsan yaada akka waliif dabarsan kan godhuudha. Kunis kan agarsiisuu jireenya guyyuu barattoota waliin kan deemuu tahu mul'isa. Barannoo 2 hanga 3tti kan jiran kun immoo shaakaloota (gulantaalee) dubbisuu sadan irratti waan hundaawaniifi gosoota afoola Afaan Oromoo kanneen akka weedduu jaalalaa, sirba gaa'elaafi kkf waan ibsaniif kallattiidhaan haala jireenya naannoo barattoota waliin walsimaata.

Barannoo 2: Afoola, gilgaala 5, 6fi 7 (shaakala dubbisuun duraa, shaakala yeroo dubbisuu fi shaakala dubbisa boodaa) ofi keesaatti yommuu qabatau, mata – dureen dubbisa kana keesatti dhiyaatesi "oddu durii /sheekkoo/ fakkii Bineeldoota adamoo deeman irratti hundaa'uudhaan. Dubbisni kunis ibsa ga'aafi gorsa, cimina sammuu fi xiinxala cimaa akka barattoonni itti yaadan waan barsiisuuf gilgaalonni sadan kun dhimmoota naannoo waliin hariiroo cimaa qabu.

Barannoo 3: Gosoota afoola gilgaala 8: shaakala ciigoo gilgaala 9: shaakala hiibboo, gilgaala 10: shaakala jechamaa yommuu tahan hundi isaanii haala jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti iddoo guddaa qabu. Kanarraa kan ka'e jireenya hawaasichaa waliin hariiroo cimaa qabu.

Haatahumalee, gilgaalonni 8, fuula 143fi 144 irratti argamaniifi gilgaalonni 10, fuula kitaaba barataa 145 fi 146 irratti argaman haalli dhiyaannaa isaanii ga'aafi ifaa miti. Sababni isaanii ciigoo jechuun maal akka taa'ee fi jechama jechuun maali akka ta'e hiikniifi fakkeenyi kenname hin jiru.Barattoonni gilgaala kana hubachuuf dirqama kitaabilee wabii isaan barbaachisa. Gilgaalli 9: shaakala hiibboo kan jedhu garuu boqonnaa 15 fuula kitaaba barataa 156 irratti yaadannoo gabaabaa kenname jira. Barannoon 4: barreessuu, Gilgaala 11: shaakala barreessuu kan jedhu barattoonni ogummaawwan afaanii keessaa barreessuutti gargaaramaniin akka afoola naannoon isaaniitti argaman akka ibsan godha. Kunis kallattiidhaan haala jireenya waliin deema.

Boqonna 15: Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu Gilgaala 1 hanga 3tti kan jiran gulantaalee dubbisuu sadan (3'n) irratti kan xiyyeeffate yommuu tahu, matadureen dubbisa kana keessatti dhiyaates"Durba Morma Lamaa" kan jedhudha. Kunis gosoota afoola Afaan Oromoo keessaa sheekkoo /oduudurii/ irratti waan hundaa'uuf kallattiidhaan jireenya uummata calaqqisiia. Kana maleesi gilgaalonni barannoo 2: Afoola gilgaala 4, 5fi 6keessatti aragaman waa'ee hiibboo, sheekkoo fi jechamoota waan irra deddeebiidhaan dhiyaataniif wal simannaa qabu.

Boqonnaa 16: Barannoo 1: Dubbisuufi dubbachuu gilgaala 1: shaakala dubbisuun duraa, shaakala yeroo dubbisuu, shaakala Dubbisuun boodaa kan ofi keessatti hammatu yommuu tahu. Mata-duree dubbisa kana keessatti dhiyaatesi "Gaabbii' kan jedhudha. Mata-duree dhiyaate kunis bifa og-barruu keessaa 'asoosamaan' haadhiyaatu malee gochi achi keessatti raawwatame kun waanuma hawasicha keessatti mul'atudha. Kanaafuu gaaffiiwwan gilgaalota kana keessatti argama naannoo jireenya waliin walsimatu.

Barannoo 3: Gilgaala 4: shaakala jechamoota gilgaala 5: shaakala malleen dubbii kan jedhaman kun gosoota afoola Afaan Oromoo keessaa isaan tokko yommuu tahan haalaa naannoo jireenyaa waliinis walittidhufeenya qabu. Garuu haalli gilgaaonni kun itti dhiyaatan ifaa miti. Sababni isaasi jechama jechuun maali akka ta'e wanti kallattii barattootaaf agarsiisu hinjiru. Kana malees malleen dubbi yookaan dubbiin qolaa kan jedhu kun meeqa akka ta'anii fi dubbin qolaa jechuun maal jechuu akka ta'e, haala kamiin hawaasa keessatti

akka dhimma itti bahaa jiran wanti ibsame hinjiru. Kanaafuu haalli gilgaalli kun itti dhiyaate fooyya'uu qaba.

Boqonnaa 17: xalayaa barannoo 1: Dubbisuufi barreessuu gilgaala 1 hanga 3tti kan jiran yommuu tahu, mata – duree dubbisa keesatti dhiyaate kunis "Gosoota xalayaa adda addaarratti waan ta'eef hawaasichi gosoota xalayaa kanatti itti fayyadamaa tureera, ammas itti fayyadamma jira. Kun immoo kan inni agarssisu gilgaalonni boqonnaa 17 kana jalatti dhiyaatan hundi isaanii haala naannoo jireenyaa waliin walitti dhiyeenya qaba.

Boqonnaa 18: Barreeffama odeefannoo (wabiitti) fayyadamuu. Barannoo 1: dubbisuufi dubbachuu gilgaala 1: shaakala (gulantaalee dubbisuu sadan kan ofi keessatti hammatu yommuu tahu, gilgaalonni kun hundi isaa sadarkaa namoota barumsa qabaataniin akkamitti kitaaba barreeffame ta'uu tokkotti itti fayyadaman waan agarsiisuuf kallaattiidhaan dhimmoota naannoo waliin walqunnamtii hinqabu. Garuu boqonnaa 18, barannoo 1: gilgaala 2: shaakala yeroo dubbisuu "C" jalatti hiikni jechootaa dhiyaate naannoo jireenya barattoota walii wal-simaata.

Walumaagalatti xiinxalli walsimannaa gilgaalota haala naannoo jireenya guyyuu barattoota mata–duree 4:2 jalatti dhiyaate boqonnaa kitaaba barnoota AO kutaa kurnaaffaa (10ffaa) kudha- saddeet jiran tokko tokkoon xiiinxaluun gabatee armaan olii keesaatti kallatti agarsiise akkaataa jala, jalaan qaacceessee yaada guduunfaa kanaan qaacceeffame jira.

- kitaabni barnootaa Afaan Oromoo kun boqonnaalee kudha saddeeti qaba. Boqonnaalee kudha saddeettan kun hundi gilgaalota mataasaan qabu. Gilgaalonni qophaa'an kunis walfakkeenya qabiyyeewwan qabaniirratti hundaa'uudhaan qophaa'an. Fakkeenyaaf ogummaawwan afaanii arfan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuun gama dandeettii afaaniin yommuu tahu, beekumsi afaanii (caasluga), afoolaa fi ogbrruunsi kutaale gilgaalota kanaati. Gilgaalonni iddoo afuritti qoodaman kitaaba barnoota keessatti dhiyaatan kun hundi isaanii walitti dhufeenya yookiin hariiroo cimaa qabu. Gilgaalonni kitaaba kana keessatti argaman hundi isaaniin barannoo mataasaanii qabu. Barannoon kun immoo yoo xiqqaate gilgaalota tokkoo hanga sadii of keessatti qabata. Kanaafuu qophiin gilgaalotaa kitaaba barattota waliiqabu gama kallattii hundaanuu walitti dhufeenya qaba. Gama gaaffii tokkooffaa isa lammaffaatti yommuun deebi'uu haalli

gilgaalonni kun ittiin dhiyaata guutummaa guutuutti ta'uu baatusi hanqinni darbee darbee mul'ata. Fakkeenyaaf waa'ee beekumsa afaanii yookiin caasluga (seerluga) yoo fudhannee qabsiisa ga'aa dhabuu, fakkeenya kenuu dhabuu, mata-duree kennameefi fakkeenyi jalatti argamu wal-simuu dhabuufaati.

- Qophii gilgaalota ilaalchisee keessumattu mata-dureewwan dubbisaaf filataman boqonnaa tokkoo kaasee hanga 18 keessaa boqonnaa 2 hanga 17tti kanjiru dubbisni kitaaba kana keessatti dhiyaatee kun jiruu fi jireenya naannoo waliin baay'ee walitti dhufeenya qabu. Fakkeenyaaf:-
    - Dukkuboota wal qunnamtii saalaatiin Darba
    - Sirna fuudhaa fi Heeruma Oromiyaa Bahaa
    - Toltuufi Hiree ishii
    - Birqaafi Dureetti
    - Oonismoos Nasiib
    - Faayidaa bosonaa fi Bineensotaa
    - Garaa kaasaa
    - Sirna Gadaa
    - Guddifachaa
    - Kunuunsa Qabeenya uumamaa
    - Jireenya Baadiyaa fi Maqaalaa
    - Sheeki Bakrii Saaphaloo
    - Afoola Oromoo
    - Durba Morma Lamaa
    - Gaabbii fi Xalayaa Barreessuudha

Mata-dureen armaan Olitti ibsame kun dubbisni isaanii barannoo 1, gilgaala 1 hanga 3 keessatti argamu. Garuu kanneen barannoo 1, alatti mul'atan haalli qophii isaanii caasluga, og-baarruufi afoolarratti kanneen dhiyaatan hanqinoota muraasa qabu.

- Qophii kitaabilee barataa kutaa kurnaffaa gilgaalota jalatti argamu gama dandeettii afaanii kan jiran kanneen caaslugarra jiran irra wayyaadha. Kanneen caasulga jalatti argaman garuu gam-tokkoon ogummaawwan afaanii kanaan kan raawwatama ykn hojiirra kan oolan ta'ullee barattoota naannoo jireenya isaanii waliin wal-qabsiisanii barsiisuuf dhirqama bakka hundatti kitaabilee wabii malee hin ta'u. fakkeenyaaf Waa' ee birsagaa, hennaa, gosoota himootaa, ciroo, gaalee, sirna tuqaalee, keeyyata barreessuu,

dhamjecha (latoo)fikkf barsiisuuf. Kanaafuu haalli itti dhiyaate kun gara fuuladuraaf fooyya’uu qaba.

- Qophiin gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kana bifa lamaan ilaala. Tokkooffaa manneen barnootaa mana kitaaba ga’aa qabaniif haalli qophii gilgaalota kitaaba kana keessatti dhiyaatee adeemsa baruufibarsiisuurr atti rakkoo hinuumuu. Sababni isaasi kitaabilee wabii waan qabuuf.Manneen barnoota sad 2ffaa ijaaramanii fi bakka kitaabilee wabiin hinargamnetti garuun haalli gilgaalonni kitaaba barnoota kana keessatti dhiyaatan ga’aa waan hintaaneeef adeemsa baruufi barsiisuu gaggeessuurratti rakkoo uuma.
- “Qophii gilgaalota kitaaba barnoota kutaa 10ffaa kun naannoo jireenya waliin walsimaatulle akkaataa inni dhiyaate sirreeffamu qaba” jedha.

Walumaa galatti Deebistoonni shanaan kun Deebisaa arfaffaa irraa kan hafee yaanni issaanii wal-fakkaata. Kunis mata-dureen gilgaalota kitaaba barattootaa kana keessatti argaman naannoo jireenya barattootaa waliin wal-simaatu. Garuu akkaataan itti dhiyaata qopheessitoonni meeshaa barnoota Afaan Oromoo irra deebi’anii akka fooyyeessun qaba deebistonni kun eeranii jiru.

### 4.3 Gilgaalota jiruufi jireenya uummata Oromoo agarasiisan

| Akaakuu gilgaalaa | Fuula | Boqonnaa | Maal ibsa (agarsiisa)? |
|---|---|---|---|
| Barannoo 1: Dibbisuu fi Dubbachuu<br>Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Gilgaala 2: Shaakala yeroo Dubbisa<br>Gilgaala 3: Shaakala Dubbisaa Boodaa | <br>31<br>32<br>36 | <br>3: Sirna Fuudhaafi Heermuaa Oromiyaa Bahaa | Aadaa |
| Barannoo 1:<br>Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Gaaffii 2 ffaa irratti kan argamu<br>Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa | 47<br><br>53 | 5: Burqaafi Dureettii | Seenaa dhaloota |
| Barannoo 1: Gilgaala 1 Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa | 57<br>58<br>62 | 6: Onismoos Nassib | Seenaa Og-barruufi namoota dhuunfaa guddina og-barru AO tiif gummachan |
| Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuu Duraa<br>Gilgaala2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu<br>Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa | 71<br><br>91<br>92<br>93 | Aadaa | Waa'ee aadaa |
| Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Gilgaala 5: Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa | 93<br>94<br>98 | 9: sirna Gadaa | Sina Oromoon ittiin bulaa ture |
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1: shaakala Dubbisuu Duraa<br>Gilgaala 2: Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa | 100<br>102<br>104 | 10: Guddifachaa | aadaa |

| | | | |
|---|---|---|---|
| Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu<br>Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu<br>Gigaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa | 125<br>126<br>129 | 13: Sheek Bakrii saaphaloo | Seenaa namoota dhuunfaafi guddina og-barruu Oromoo |
| Barannoo 1: Dubbisuu fi Dubbachuu<br>Gilgaala 1: Shaakala Dubbachuu<br>Gilgaala 2: Shaakala Dubbisuun Duraa<br>Gilgaala 3: Shaakala yeroo Dubbisuu<br>Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Boodaa<br>Mammaaksa, Hiibboo, Oduudurii / Sheekkoo/, Sirba Gaa'elaa, Jechamoota, Ciigoo, Malleen dubbii ykn dubbii qolaa, Geerarsa. | 133<br>133<br>135<br>136<br><br><br>133-146 | 14: Afoola Oromoo | Og-afaanfi og-barruu |

Akkuma gabatee 4.3 jalatti ibsamanitti gilgaalota jiruufi jireenya uummata Oromoo agarsiisa irraa hubannuutti uummanni Oromoo Seenaa, aadaa, maalummaafi eenyummaa isaa kan ittin ibsatu afaan mataasaa danda'e qaba. Afaan isaa kunis Afaan Oromoo kan jedhamu yommuu tahu. Jiruufi jireenya isaaafaan kanaan ibsata. Haaluma kanaa qaacceeffama gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa keessatti godhameen boqonnaa gurguddoo kudha – saddeet jiru keessaa kallattiidhaan jiruufi jireenya Uummata Oromoo ibsuurratti gahee guddaa gilgaalonni qaban boqonnaalee adda addaa torba (7) keessatti kan argaman yeroo tahu, Dubbisa mata – duree isaan jalatti argaman kunis:

- Sirna Fuudhaa fi Heerumaa Oromiyaa Bahaa
- Burqaafi Dureetti
- Onsimoos Nasiib
- Sirna Gadaa (Aadaa)
- Guddifachaa
- Sheek Bakrii Saaphaloo
- Afoola Oromoo kan jedhamandha.

Gilgaalonni dubbisa kana jalatti argaman kunis jiruufi jireenya uummata Oromoo ibsuurratti gama gaa'elaan, aadaan, seenaan, Og-barruufi haala ittiin bulmaata Oromoofi amantii isaa

ibsuutiin ga'ee guddaafi humna gudda a qabachuu isaanii sakatta'iinsa dookumeentii xiinxala gilgaalota kutaa kurnaaffaa kana keessatti godhameen bira ga'ameera. Kana maleesi gilgaalonni kallattiidhaan jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti mul'atan kun barumsi daree keessatti kennamu slaphaafi qabatamaa akka ta'u mirkaneessanii jiru.

- Gilgaalonni kitaaba barataa kana keessatti argaman jiruufi jineenya uummata Oromo ibsuurratti gahee olaanaa qabu.<u>Fakkeenyaaf</u> ciminni gilgaalota kanaa barattoonni naannoo isaanii akka hubataniif, seenaa, aadaa, eenyummaa fi maalummaa ofii akka ittiin ibsataniif gilgaalonni adda addaa keenamaniin jiru. Wanta kanas bifa qabatamaan yoo ibsuu barbaanne kitaaba barataa fuula 89 fi 100 irratti kan argamu boqonnaa 9 fi 10 mata-duree "sirna Gadaafi Guddifachaa" jedhu fakkeenya gaariidha. Hanqinni jiru garuu irra deddeebii gilgaalotawl-fakkaatan qabiyyee tokko keessatti jirudha.
- Gilgaalonni kitaaba kan keessatti argaman naannoo jireenya uummata keenya bu'uura godhachuudhaan. Fakkenyaaf Oromoon ijoollee isa yeroo guddisutti safuu hawaasa keessa jiru, aadaa, seenaa fi akkaataa olloota isaaniis waliin jiraatuufi sanyii isaa abbaa isaarra eegalee hanga dhumatti bifa gaaffiifi deebiin ni barsiisa. Kanaaf gilgaalli boqonnaa 5: barannoo 1: Gilgaala 5: gaaffii jalatti argamu fkn guddaadha. Hanqinni isaa garuu jechoota walittina qabanitti fayyadamuu dhabuudha.
- Deebisaa 1ffaa waliin wal-fakkaata kanaafuu irra deddeebii waan ta'u qoratichi bakka tokkotti cuunfuun kaa'eera.
- Cimni gilgaalota jiruu fi jireenta uummata oromoo ibsuurratti gahee guddaa qaba.Isaan kana keessaa afoolli gilgaalota kana keessatti argaman aadaa Oromoo ibsuu, safuu barsiisuu, barattootaaf gorsa keenu, barattoonni ogummaa barreeffamaa akka gabbifatanii shaakala barreessuu adda addaa kennuudhaan. Fakkeenyaaf og-barruu Afaan Oromootiif namoota seenaa gudda hojietan barreessaa jechuun.Hanqinni isaa gilgaalota kennaman jalatti ibsa ga'aa kennuudhabuu.

Deebisaa 5 Deebii kennaan kun deebisaa 1ffaa waliin waan walfakkaatuuf qoratichi yaaduma sana fudhatee jira.walummagalatti Deebii kennitoonni yaanni isaan kennan walitti dhiyeenya waan qabuuf gilgaalonni kitaaba barattoota kana keessatti argaman kun seenaa, jiruufi jireenya oromoo ibsuurratti hanqinoota caalaa cimina qabu. Haalli itti dhiyaata garuu fouyya'uu qabu jenna.

- ❖ Gilgaalonni kitaaba kana keessatti argama qindoomina qabu. Sababni isaanis ogummaawwan kun dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu yommuu taha, isaan kunis yaada kennuufi fudhachuuf nutajajilu. Fakkeenyaaf dhaggeeffachuufi dubbisuun yaada fudhachuuf yommuu tahu, dubbachuufi barrecssuun yaadadabarsuuf itti gargaaramna. Kana malees ogummaawwan arfan isaanii kun wal keessaatti argamu. Sababni isaas bakka dubbachuun hin jireetti dhaggeeffachuun hin jiru.Bakka wanti barreeffamne hinjireetti wanti dubbifamu hinjiru. Kanaafuu Ogummaawwan kun qindoomina qabachuu isaanii mul'ata.

Haatahu malee jedhe deebisaa 1[ffaan]kun haalli itti gilgaala keessatti dhiyaatan irra deebi'aman xiinxalamu akka qabniifi qopheessitoota kitaaba kanaatiin fooyya'uu qabu.

Kanneen hafan arfanis yaada wal-fakkaatu waan kennaan qoratichi isuma cuunfee fudhatee jira.

- ❖ Eeyyee.Gilgaalonni Afaan Oromoo kutaa kana keessatti eeraman kallattumaan jiruufi jireenya hawaasaa waliin hariiroo cimaaqabu. Gosoota afoolaa kana keessaa kanneen akka mammaaksa, hiibboo, sheekkoo ykn oduudurii, Jechamoota, Ciigoo, weedduu jaalalaa, geerarsa, malleen dubbiifi kkf akka fakkeenyaatti eeruun ni danda'ama. Sababni isaas barattoota og-afaan naannoo jireenya isaanitti argaman yemmuu dabalataan mana barumsaa keessatti bifa qabatamaafi dhugaa qabeessummaan argan daran mirkaneeffatu.Kana malees gilgaalonni gosoota afoolaa Afaan Oromoo jalatti argaman hundi gilgaalonni daree keessatti kennaman akka salphaatti itti gargaarramuu danda'u.
- ❖ Eeyyee, sababni isaasaa hawaasni Oromoo afoola Afaan Oromootti fayyadamuudhaan maatii isaa, hawassa naannoo isaatti argamu, beekaaisaafi wallaalaa isaa ittiin gorsata.Fakkeenyaaf sheekkoo ykn oduu durii tokko fudhachuudhaan ijoollee isaa akka waan badaa hinhojjenneefi bineensota naannoo isaa fakkeenya fudhachuun, walbira qabuun itti agarsiisa.Hiibboonsi yoo fudhanne bifa gaaffiifi deebiin waan dhiyaatuf sammuun daa'immanii akka cimuu taasisa. Waanuma og-afaaniin naannoo jireenyatti itti fayyadamaa turan sana kallattumaan daree barnootaa keessatti yommuu itti gargaarraman qabatamaafi salphaatti itti fayyadamuu danda'u.

- ❖ Eeyyee Afoolli Afaan Oromoo haala jiruufi jireenya uummata oromoo keessattuu aadaafi dhuudhaa isaa, akkasumattis seenaa isaa afoola kanatti fayadamuudhaan uummanni Oromoo maalummaa isaa ibsata.Fakkeenya dubbii tokko osoo beekuu namni tokko yoo dhiiseera ta’e Mammaaksan akkana jedhee ibsa ‘Osoo beekuu huba wajjin’ jette saree. Gosoonni afoolaa gilgaalota kana keessatti argamanis duraa dubaan kanneen akka Mammaaksa, Hiibboo, sheekkoo ykn oduu durii, jechamoota, ciigoo Malleen dubbii ( dubbii qolaa) fi kkf dha.
- ❖ Eeyyee.Gilgaalonni afoola Afaan Oromoo qabatanii dhiyaatan haala jiruu fi jireenya hawaasa Oromoo fi naannoo waliin walitti dhuffenya ykn hariiroo cimaa qabu.Hawaasa Oromoo birattis iddoo quddaa qabu keesumattuu Mammaaksa yoo fudhanne uummanni Oromoo afoola kanaatiif iddoo guddaa kenna.Fkn dubbiin Mammaaksa hin qabneefi ittoon sooqidda hin qabne hin mi’aa’uu jechuudhaa.Mammaaksi koobaa dubbiiti, “ak jedhan waatufan” Mammaakan waahiman jechuun jiruufi jireenya isaanii keessatti itti fayyadamu.
- ❖ Eeyyee, Deebisaan kun deebii keennitoota tokkoo hanga afuritti Jiraniin kan wal fakkaatan ta’e kan adda isa godhu garuu afoolli Afaan Oromoo kun yeroo dhiyaatu Osoo bakka tokkotti dhiyaate barataafisi ta’e barsiisaaf adeemsa baruufi barsiisuurratti haala mijataa uumaa jedha.

Walumaa galatti afoolli Afaan Oromoo jiruufi jireenya uummata Oromoo biratti iddoo guddaa fi faayidaa guddaa waan qabuuf bifa qindoomina qabuun gilgaalota keessatti dhiyaachuun akka barattoonni wantoota naannoo jireenya isaanitti fayyadamaa turan bifa salphaafi qabatamaa ta’een daree barnootaa keessatti itti gargaaramuu danda’u.kana malees gilgaalonni kitaaba barataa kutaa 10ffaa keessatti argaman kun baay’een isaanii waan barattoonni naannoo jireenya isaanii, hawaasa naannoo irraa muuxannoo qabaniin wal bira qabuun waan dhiyaatee jiruuf gilgaalonni kana salphaafi qabatamaa taasisuu. jedhu deebii kennitoonnii kunis eeranii jiru.

# Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo.

## 5.1. Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa haala walsimannaa gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa dhimmoota naannoo waliin walqabatu xiinxaluudha. Gilgaalonni xiinxalaman kunis mata – duree yookiin boqonnaalee kitaaba barnoota Afaan Oromoo kudha – saddeet jalatti kan argaman yommuu tahu, isaanis gaaffilee bu'uuraa qorannichaa keessatti argaman irratti hundaa' uudhaanii fi kaayyoolee gooroo keessatti argaman bu'uura godachuudhaan barruulee mata-duree qorannoo kana waliin walfakkaata kallattii addaa addaan sakattaa'uun malleen qorannoo keessaa gosoota qorannoo addeessaa /ibsaa/ fi sakatta'iinsa dookumeentii akka gaggeeffamu ta'eera.Meeshaalee funaansa ragaalee keessaa ammoo qoratichi sakatta'iinsa dookumeentii akka madda ragaa tokkooffatti yommuu itti gargaaramu, af-gaaffii barsiisotaa manneen barnoota afur irraa ragaalee argaman immoo akka maddaa ragaalee lammaaffatti dhimma itti bahee jira. Kana maleesi gilgaalota boqonnaalee kudha – saddeetti keessatti argaman kana tokko tokkoo isaaniitiif gabatee xiinxala gilgaalota keessatti ergaa raawwate booda hanqinoota wal-simannaa gilgaalota keessatti argamaniif argannooofi furmaata isaanii gara fuula duraatti maal akka ta'u qabu eerun qorataan  qorannoo isaa xumuree jira.

## 5.2. Argannoo

Argannoo xiinxala walsimannaa gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromo kutaa kurnaffaarraa Kana armaan gadii kana fakkaata.

- Gilgaalonni hennaa (beekumsa afaanii) jalatti argama jireenya guyyuu barattoota waliin kan walhinsimanneefi qabsiisa ga'aa yookiin yaadannoo gabaabaan ibsamuu dhabuu. Fakkeenyaaf Boqonnaa 2: Gilgaala 11: shaakala henna raawwimaafi amsiiqaa, fuula 28 irratti kan argamu. Boqonnaa 3 gilgaala 6 shaakala hennaa tarsiiqaafi raawwima darbeennaa, fuula 37 irratti kan argamuudha. Gilgaalonni garee jechoota jalatti argaman ibsa ga'aa dhabuufi fakkeenyi kennamuu dhabuu. Fakkeenyaaf maqaafi gosoota isaanii, bamaqaa (maqadhaal) fi gochibsa.Gilgaalota gaaleefi gosoota isaa, shaakala ciroo hirkataafi ofi danda'aa, shaakala latoo / dhamajechaa/ shaakala caasaa himaa (mathima, aantima, gochima), walqabsiistotaa, gosoota himootaaf ibsa ga'aa kennuu dhabuu.
- Gilgaalonni jiruufi jireenya uummata Oromoo Ibsuurratti ga'ee guddaa qaban kanneen akka Mammaaksa, sirba ga'eelaa, ciigoo, jechamaafi mallleen dubbiitiif ibsa ga'aa kennuu dhabuu. Fakkeenya mammaaksi maal akka ta'e, faayidaan mammaaksi uummata Oromoof kennu, kana keessatti wanti ibasame hinjiru. Ciigoosyoo fudhanne, ciigoon hiika maal akka qabu, maal maal akka of keessatti qabatu, soorgoo fi sookoo ciigoo keessatti argamaaniifi jechi dacha ciigoo keessaa akkamitti akka ba'uu fi uummaanni Oromoo naannoo jireena isaatti ciigoo yeroo kam akka itti gargaarmau, gilgaalota kana keessatti ita bahee wanti ibsame hin jiru. Jechama gosti afoolaa kunis gilgaala jalatti barattoonni bifa firoomsi akka shaakalaaniifi hiika isaa akka barreessan akksumas bifa filannootii deebii akka kennaniif barattootaaf kenname malee, jechama jechuun maal akka ta'e, hiika isaa gama kamiin akka argatan, uummata Oromoo biraatti ga'een niqabu qabsiifni kenname tokkolle hinjiru. Malleen dubbii (dubbii qolaa, dubbii haalawaa) kunis gilgaala 5, boqonnaa 16, fuula 164 irratti kan argamu yommuu tahu, malleen dubbii maal akka ta'ee, gosoota meeqa akka qabu, maaliif akka tajaajila jiru, uummanni Oromoo 'Yoomeessaa' kam keesatti akka dhimma itti bahu wanti ibsame hinjiru.

- Ogummaawwan afaanii (dandeettiiwwan afaanii) arfan ilaalchisee (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuu) irratti shaakallii walmadaala waan ta'e kennuu dhabuu. Fakkeenyaaf:-shaakalli dhaggeeffachuu boqonnaalee kitaabni barnoota Afaan Oromoo kudha – saddeet qabu keessaa boqonnaa sadii qofaa keessatti argama. Boqonnaalee kunis boqonnaa 1: barannoo 1: gilgaala 1 hanga 3, fuula 1-3 irratti kan argamu, boqonnaa 2: barannoo 1: gilgaala 1 hanga 3, fuula 91-93 irratti yommuu tahu, dandeettiiwwan (ogummaawwan) kannee hafa sadeen yoo walbira qabnee ilaalle walhinmadaalu.
- Og-barruu (ogummaa barreessuu) ilaalchisee shaakalli mata duree gilgaala kana jalatti argamu akka barattoonni dandeettii (ogummaa) barreessuu gabbifataniif kan daandii saaqu miti.

Walmaagalatti argannoon qorannoo kana keessatti qoratichi bira ga'ee hanqinoonni gama gilgaalota caaslugaa (beekumsa afaanii), ogummaawwa afaanii, Gosoota afoola Afaan Oromoofi og-barruu (ogummaa) barreessuutiin gilgaalota keessatti hanqinni armaan olittii ibsaman kun jiraachuu isaa mirkaneeffatee jira.

## 5.3. Yaboo

Qorannoo mata – duree "xiinxala wal-simanaa gilgaalotaa kitaabaa barnoota Afaan Oromoo kutaa10ffaa dhimmoota naannootiin walqabatan " jedhu keessatti rakkooleen mul'atan adeemsa qorannichaa keessatti mul'ataniin jiru. Rakkoolee mul'atan kanaaf qoratichi kanneen xiinxala qorannoo sakatta'iinsa dookumeentiifi af-gaaffii barsiisotarraa argatee argannoo isaa keessatti ibse kanaaf mata-dure yaada furmaata jedhu kana jalatti akka armaan gadiitti ibseera.

- Gilgaalonni caasluga yookiin beekumsa afaanii jalatti dhiyaatan kanneen akka hennaa, garee jechoota, gosoota gaalee, caasaa himaa fi gosoonni himaafi kkf qabsiisa ga'aafi akkaataa barattoonni beekumsa kana ittiin gonfatanii jiruufi jireenya naannoo isaanii ittiin ibsatanitti qophaa'uu qaba.
- Gilgaalonni jiruufi jireenya uummata Oromoo ibsan kanneen afoola Afaan Oromoo jalatti aragaman, mammaaksa, sirba gaa'elaa, ciigoo, jechama, Malleen dubbiifi kanneen kana fakkaatan yaadannoon ga'aafi yoomeessa isaanii addaan baasuun haala naannoo jireenya

uummatichaa, seenaa, aadaa, duudhaa, safuufi eenyummaa hawaasichaa waliin wal qabsiisuun qindoominaan gilgaalota keessatti qophaa'uu qabu.

- Ogummaawwan afaanii ykn dandeettiiwwan afaanii (dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu fi barreessuutiif) bifa barattoonni ogummaa afaanii kan ittiin gabbifataniifi qindoominni gilgaalota inni tokko isa tokko keesatti akka argamu qophaa'uu akka qabu.
- Og-barruun barreeffamatti gargaaramuun barattoonni naannoo jireenya isaanii bifa barreeffaman akka ibsataniif gilgaalonni og-barruu kana keessatti qophaa'an jireenya guyyuu barattoota waliin kan deemuufi adeemsa baru-barsiisuu qabatamaafi salphaa akka taasisuun qophaa'uu qaba.

# Wabii


Abarraa Nafaafi kaawwan.(1999). *Wiirtuu Jildii.8, Barruulee Qormaata Waaltinaa Afaan Oromoo* Biiroo Aadaafi juriizimii Oromoiyaa, Finfinnee.

Abdulsamad Muhammad. (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finifinne: Mana Maxxansaa Boolee.

Adaanee Dinqisiisaa.(2013). “Walsimannaa Itti Fayyadamina sagantaa Barnootaa Afaan Oromoo Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 8ffaa Xiyyeeffannoo Manneen Barnoota walmaraafi Bulchiinsa Magaalaa Hoolota:” Yuuniversiitii Addis Ababaa: Finfinnee, (kan hin maxxanafamne).

Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa, yaddrimee Qorannoo. Hujoo Afaan Oromoo keessatti*, Finfinnee: Efficency Printing Press.

_____________.(2011). *Sanyii.Jechaafi Caasaa Isaa*.Finfinnee:Efficency Printing Press.

_____________(2014).*Semmoo.Bu’uura Barnootaa Afaaniifi Afoola Oromoo*, Oromiyaa, Finfinnee: Far Easter Trading PTC

Breen, M. (1987).*Learner Contributions to taks desing Inc*. Candlin and D. Murphy (Ed.) Language Learning Tasks. Engelwood Cliffs NJ: Prentice Hall

Berg, B. (2001).*Qualitative Research methods for the Social Sciences*. California State University, Long Beach. Best, J. and Kahn,

Cohen L. Manion, L. and Morrison k. (2000).*Research Methods in Education.*Fifth edition, London and New York Route dge.

Dastaa Dassaalany, (2002). *Bu’ uuraalee Qorannoo*, Finfinnee dhaabbata Maxxansaa.

Ellis, R.(1998). *The Empiricla Evaluation of Language Teaching material*. ELT Journal vol. 1 (1)PP.36-42

Finnegan, R.(1970). *Oral Potery:* Its nature and significance and context: Cambridge: Cambridge University press.

Gairns R. and Redman S. (1986).*Working with words*: A gudie to Taching and Learning Vocabulary.Cambridge Unversity Press.

Garee Qormaata Afaan Oromoo. (2005).*Wiirtuu Jildii-10, Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo,* Biiroo Aadaafi Turuzimii Oromiyaa, Finfinnee

Getacchoo Rabbirraa.(2008). *Furtuu.* Finfinnee: kuraz International Pulibshing Interprise.

Gurmeessaa Tujubaa. (2015). *"Qaacceessaa caasaa Jechaa fi Hima Afaan Oromoo kitaabilee barnootaa fi kitaabilee wabii: Finfinne Yuniversiitii Addis Ababa*" (Warqaa qorannoo digirii 2ffaa kan hinmaxxanfamin).

Hamid Muude. (1995). *Hamid Mudes Oromoo Dictionary volume Atlanta*: sagalee Oromoo Publishing Inc.

Hedge T. ( 2000). *Teaching and Learning English*. London. Longman UK Group LTD.

Hill.J. (1986).*Using literature in language Teaching. London*: Macmillan Publishers Ltd.

Mc carthy M. (1990).vocabulary oxford university Press.

MC Donough J and Shaw.C ( 1993) *Materials and Methods in ELT* ( 2nd Ed), Oxford: Oxford University press.

Ministeera Barnoota (2005*).Barnoota Afaan Oromoo kitaaba Barataa Kutaa 10ffaa* Federaala Riippaabiliika Dimokiraatawaa Itoophaatti.Mk Publishers Ltd. Kampala.

Ministeera Barnootaa. (2005).*Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa kutaa 10ffaa.*Federaala Riipaabiliika Dimokiraata waa Itoophaatti.MK Publishers Ltd. Kampala.

Ministry of Education. (2010).*curriculum frame work for Ethiopian Education* (kg Grade 12)

Mulugeetaa Tendaa. (2012). “Qaaceessadhiyaanna Qabiyyee Jechaafi Himoota Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa kurnaffaa keessatti. Finfinnee, Yunivarsiitii Addis Ababaa” (warqaa qorannoo digirrii 2ffaa kan hin maxxanfamiin).

Nabiyyuu Dhibbisaa. (2017). “xiinxala Ga’umsa qabiyyee Gilgaalota kitaaba Barnoota Afaan Oromoo kutaa 4ffaa” (kan hin maxxanfamne). Finfinnee.

Nattan I.S P .(2001). *Learning Vocabulary in other language*. Cambridge: Cambridge University Press.

Nunaa.D. (1988).*Syllabus Design Oxford*: Oxford University Press.

_________ (1989).*Desigening task for the communicative class Room*. Cambridge: Combridge University press.

_____________. ( 1992). Research Methods in Language teaching Cambridge Cambridge university press.

Qajeelcha Qophii Qo’annoofi Qorannoo sirna Barnootaa .(B.B.O). ( 1995) Silabasii Barnoota Afaan Oromoo

Richards, J., J. Platt and H. weber.(1998). Long man Dictionary of Applied linguistics London.

Richards.J.C .(2001). *Curriculum development in language Teaching* Cambridge: Cambridge University press.

Sharmak and Tujeja T. (2005).*Teaching Language and Linguistics* Delih Ajauerma.

Tolemariam Fufa. (    59).*Caacculee ShananDubbisuu Afaan Oromoo.* Social Adversting and Printing Addis ababa: Ethiopia.

Trochim.William M.K. (2006).Sampling. Form httip://www.social research methods.net /kb/ sampling php.

Warquu achaasaafi kaawwan.(1995).*wirtuu (Jil. 7) Finfinnee*. Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaatti

Warquu achaasaa.(2001).*wirtuu (Jil. 9) Finfinnee*. Biiroo Azdaafi Beeksisa Oromiyaatti

Wasanee Bashaa.(200).*Qorri Hambaa*. Finfinnee Oromiyaa.

Wiggins and MC Tighe. (2006). *Understanding by Design Pearson*: Merrill prentice Hall

Wiirtuu Qo'annooti Qorannoo Afaanota Itoophiyaa.(1999). *Galmee Jechoota Afaan Oromoo*: Yuniversitii Finfinnee. Finfinnee.

**በድሉ ዋቅጅራ**.(1996). **በስነ ጽሁፍ ቋንቋ ማስተማር አዲስ አበባ ንግድ ማተሚያ ድርጅት**

# Dabaleewwan

Debalee “A”

Af-gaaffii Barsiisota Barnoota Afaan Oromoo Barsiisaniif Dhiyaatu.

**Yuunvarsiitii Finfinnee**

**Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu**

Barsiisota barnoota Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa barsiisaniin kan deebi’ls

Kaayyoon af-gaaffii kanaa ciminaafi hanqinaalee walsimaanaa gilgaalota kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa dhimmoota naannoo waliin qabau addaan baasuu ibsuu taha.Waan kana ta’eefi odeeffannoon af-gaaffii kanaan nuuf kennitan bu’aa qorannoo kanaa waan murteessuuf af-gaaffii isiniif dhiyaate kana bilisaafi ifa ta’uun akka nuuf deebistan kabajaan isin gaafanna. Odeeffannoon isinirraa argannu icciitii dhaan kan qabamuufi hojiin qorannoo kanaa tiif qofaa kan oolu ta’uusaa icciitii mirkaneessina.

Kutaa tokko; Qajeelfama waliigalaa

1. Maqaa Mana barumsaa ______________________________
2. Saala ______________________________________
3. Umrii ______________________________________
4. Sadarkaa Barnoora ___________________________
5. Bara tajaajilaa ______________________________
6. Barnoota ittiin leenji’aa ykn Ebbifaman
   Meejarii ___________ Maanarii ( leenjii xiqqaa) _________ ( leenjii quddaa)

**Kutaa lammaffaa: Gaaffilee af-gaaffiif dhiyaachuu f qophaa’an.**

1. Qophiin gilgaalota kitaaba barnoota Afaan Oromoo Kuraa kurnaffaa yeroo ammaa tana fayadamaa jirru haala jireenya naannoo walii qabu maali fakkaata? Haalli gilgaalonni kunniin itti dhiyaatan jireenya guyyuu barattootaa waliin walsimaataa?
2. Gilgaalonni kitaababa barataa Afaan Oromoo kutaa kurnaffaa yeroo ammaa kana itti fayyadamaa jirru, jiruufi jireenya uummata Oromoo ibsuurratti hangam human qabu?
3. Gilgaalonni kitaaba barataa barnoota Afaan Oromo Kutaa kurnaffa Ogummaawwan afaanii ibsurratti qindoomina qabu? Eeyyee _______ lakkii _______ Yaadabiraa __ ______.

   Sababa isaa waliin ibsaa
4. Gilgaalonni kitaaba barataa ( barattotaa) Afaan Oromoo Kutaa kurnaffaa adeemsa baruufi barsiisuu salphaafi qabatamaa taasisuu keessatti ga’ee qabu?

## Warqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorataan Maqaafi mallattoo koo armaan gadiitti eerame, warqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsa. Hojii kn kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti, kan hindhiyanne ta'uusaafi yaadaawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa ________________________

Mallattoo ____________________________

Guyyaa ______________________________